




Jireenya Afuuraa Irratti Calaqqeewwan

Dhaabbata Ruhi



Kitaaba 1

Jireenya Afuuraa Irratti
Calaqqeewwan

Dhaabbata Ruhi

Kitaabilee tartibootaa:

Yeroo ammaa mata dureewwan kitaabilee tartibaa kan Dhaabbata Ruhitiin qophaa'an asii gaditti tarreeffamaniruu. Kaayyoon kitaabileedhaa dargaggoonni fi ga'heessonni hawaasota isaanii tajaajiluuf dandeettii isaan dandeessisu cimsuuf koorsilee tartibaa ijoowwanii haala tootummaatiin ittiin fayyadamuudhaf kan qophaa'anii dha. Dabalatas dhaabbanni Ruhi barsiisota barnoota dareewwan daa'mman Baha'i leen jisuuf kan tajaajiluuf damee kitaaba sadaffaa tarttiibootaa ta'anii kan ba'han keessaa tuutota koorsii biroo qopheessutti jira; kunis tartibicha keessatti agarsiifameera. Muxxannoон dirree'rattu haguma kuufamaa deemuuni tartibinni tarreeffamootaa jijiirrama mul'suu fi bocama irratti kan argaman qophii'rta kan jirani fi sadarkaa bal'naan faca'uun irra kan gahan lakkofisi dareewwan sirna barnootaa haguma eda'uun mata dureewwan haara'ootaa dabalamuu akka danda'aman qalbeeffachuu qabna.

- | | |
|------------|--|
| Kitaaba 1 | Jirenya Afuuraa irratti calaqqeewwan |
| Kitaaba 2 | Tajaajiluudhaf ka'u |
| Kitaaba 3 | Kutaa 1 ^{ffa} Dareewwan Barnoota Daa'immanii
Kutaa 2 ^{ffa} Dareewwan Barnoota Daa'immanii (damee koorsii, sadarkaa maxxansaa duraa)
Kutaa 3 ^{ffa} Dareewwan Barnoota Daa'immanii (damee koorsii, sadarkaa maxxansaa duraa)
Kutaa 4 ^{ffa} Dareewwan Barnoota Daa'immanii (damee koorsii, sadarkaa maxxansaa duraa) |
| Kitaaba 4 | Mul'dhinnota Lakkuu |
| Kitaaba 5 | Humnoota Dargaggoota Guddataa Jiranii cimsuu
Fedhii ka'umsaa: Koorsii dame duraa kan Kitaaba 5
Marsaa Baldhisuu: Korsii dame lamaffaa kan Kitaaba 5 |
| Kitaaba 6 | Amantii Barsiisuu |
| Kitaaba 7 | Karaa Tajaajilaatirra Wajjiin Deemuu |
| Kitaaba 8 | Waadaa Baha'u'llah (sadarkaa maxxansaa duraa) |
| Kitaaba 9 | ArgannaIlaalchaa Seenaa |
| Kitaaba 10 | Hawaasa Lalisa Ijaaruu |
| Kitaaba 11 | Qabeenya Wantoota |
| Kitaaba 12 | (Adeemsa Qophaa'ummaa irra kan jiru) |
| Kitaaba 13 | Tajaajilummaa Hawaasaa irratti Hirmaachuu |
| Kitaaba 14 | (Adeemsa Qophaa'ummaa irra kan jiru) |

Copyright © 2009, 2012, 2020 by the Ruhi Foundation, Colombia
All rights reserved. Edition 4.1.3.PE published in Afaan Oromo October 2021
Printed in Ethiopia

Originally published in Spanish as *Reflexiones sobre la vida del espíritu*
Copyright © 1987, 1995, 2008, 2020 by the Ruhi Foundation, Colombia
ISBN 978-958-59880-3-3

Hiikkaan gara Afaan Oromootti kan hiikkame Gumii Afuura Baha'ota Itiyoophi'aa kan Biyooleessaatiin-Finfiinnee/Addis Ababa/ L.S.P. 102 - Addis Ababa.

Ruhi Institute
Cali, Colombia
Email: instituto@ruhi.org
Website: www.ruhi.org

Baafata

Qu'achiisaaf Yaadawan Muraasa.....	v
Barreffamtoota Baha'i Qalbeeffachuu.....	1
Kadhaa Waaqaa.....	13
Jiruu fi Du'a.....	29

Qu'achiisaf Yaadawwan Muraasa

Dhaabbata Ruhitiin kan kennamu koorsilee tartibaa kan ijoo keessaa Jireenyaa Afuuraa irratti Calaqqeewwanan, kitaabini tokkooffaan, lakkofisi naannoolee itti qu'atamudhaa addunyaa guutuurratti waggootaaf guddataa jira. Haala hedduutiin kitaabichi, miseensota garee qu'annaa yeroo yeroon wal ga'haniin kan bu'uurfamu, qu'annaa lixxinaa sochii qophaa'eef kan walitti dhufan, ykn yeroo boqonaa manni barumsaa itti cufamu kaampii keessatti garee jaalatamtootaa kan wal ga'huu danda'aniin kan dubbifamu fi kan irratti mar'atamuudha. Haalli akkaataa akkamiiitis taanan miseensa garee tokko keessatti inni tokko akka qu'achiisaa ta'ee hojjata. Walquna mitiin qu'achiisaa fi hirmaatota biroo giddu jiru haala barsiisaa fi barattootaa sanii miti; hundinuu adeemsa fedhiin barachuudhaa keessatti damaqinaan ni hirmaatu. Garuu qu'achiisaan shoora maleessa mijeessaa mari'annaa qofaa miti. Koorsota tartiibaa keessaa lakkofsa ga'haa kan qabu leenjii kan xumuree fi koorsonni kan jajjabeessan gochiilee tajaajilaa kan raawwate, miseensii garee tokkoon tokkoonituu kaayyoo kitaabicha qu'atamuu akka galmaan ga'han gargaaruuf kan danda'u/ dandeessu dha. Isaannan qu'achiisaa Kitaaba tokkoo ta'anii socho'an yaadawwan seensa kanaat'ratti dhihaatan yeroo yeroon yoo yaadatan deggersa isaaniif ta'ee argamuuf ni danda'a.

Hirmaattonni addunyaa guutuurrira jiran gara koorsii dhaabbata jalqabaa kanatti kan dhufan duubessa/ka'umsa garaagarummaatirraa'ii dha. Tokoon tokkoon isaanii duraanuu miseensa hawaasa Baha'i kan ta'anii fi Amantii fudhatan tajaajiluuf dandeetii isaanii cimsuuf warra barbaadanii dha. Warri broo koorsicha Amantii Baha'i akkuma Amantaa tokkootitti akka seensatti qorachuuf ilaalu. Akkasumas kuwwan yaadawwan Baha'i tiin kan harkifamanii fi ofii isaanii kaayyoowwani fi tattaaffiwwan hawaasaa wajjin ofbeeksisuuf warra fedhuu dha. Dabalatees keessattuu isaannan hawaasa Baha'i tiin kan adeemsifaman karaa sagantaa tokkoo ykn biraatiin, hawaasa tajaajiluuf dandeetii isaanii cimsuuf warri barbaadan dargaggooni lakkof sii isaanii ida'aa dhufe, koorsicha akka tarkaaffii jalqabaatti fudhatu.

Jalqabuma karorummaatirraa kaasee, koorsileen Dhaabbata Ruhi gargaaruu fi kaawwaniin gargaarramuudhan tokkoon tokkoon keenyayyuu hala saffisummaa keenyaatiin kan ittiin tarkaafannu, karaa tajaajilaa dhala namaatiif kan agarsiisu akka ta'e hirmaataa tokkoon tokkoonitifuu ifa ta'uufii qaba. Karaa kana deemuun kaayyoo dacha lamaa hordofuu barbaachisa. Guddina ofii kan afuurummaati fi kan sammuu gonfachuu akkasumas jijiirrama hawaasatiif gumaachisuuf. Guiddinni karicha irra jiru qalbeeffanna fi beekumsa, amaloota afuurati fi gochoolee galatoomsisu, akkasumas kuusaa dandeetti wwaniiti fi ogummaalee kan barbaadan guddina dandeettiwwan hedduu gaafatuu dha. Burqaan beekumsaa kan kitaabileen Dhaabbatichaa irraa warraabbaman karaa tokkoon barnoota Amantii Baha'itirraa, karaa biraatiin immoo hawaasa Baha'i kan guutuu addunyaa irra jiru qarooma afuuratii fi kan wantootaa yoo adeemsisu muuxannoowwan kuufamanirraa'ii dha. Dhaabbatichi dammaqina kan argatu dhuunfaa nuti ta'uuf dandeenyu fi qarooma nuti ijaaruuf dandeenyu kan nu'agarsiisu mul'ata Baha'u'llah irraa'ii dha. Hirmaattonni hundinuu duubessa/ka'umsa wayiituu malee, kutaa tokkoon tokkoonii kan kitaaba hundumaa keessattuu ifa taasifame, mul'ata kana fudhachuuf bilisa akka ta'an yaada keessa ooleera.

Amantiiwwanii fi ilaalcha addunyaa (yaadawwan-rimee siyaasaa) hordoftoota horachuuf karaa ittiin danda'an kamiiniyyuu ittiin fayyadamuuf addunyaa qophaa'aa

itti ta'an, Amantiidhan kan wal hinbeekne naminni tokko waa'ee Dhaabbata Ruhi gaafilee fedhiwwan gaarii, keessattuu "amantaa koo jijiiruufan gaafatamaa jira moo?" ykn "amantaatti akkan makamu gaafatamuutti jira moo?" Qabaachuu ni danda'u. Gaafileen kana fakkaatan kunniin qu'achiisadhaaf kaayyoo koorsii tartiibaa yaadawwan ijoo asii ol jiran ibsuuf carraa isaaf kennu. Baha'oni jaalatamttoonni isaanii hawaasatti akka makaman dharra'uun isaanii uumamummaa ta'us, barnootiin isaanii nama tokko amantii akka fudhatu dhiibbaa godhoo irraa akka isaan dhoorgu, qu'achiisichi dabalee itti himuu kan barbaadu ta'a. Karaa tajaajilaa kan koorsilee dhaabbataatiin banaman deemuun barnoota Baha'u'llah caalatti lixxinaan qalbeeffa chuu kan affeeri, kitaabileen akkaataa ifa ta'een ka'uuf kan itti tattaafftanii dha; beekamummaa keennuuni fi amantaan dhimiwwan dhuunfaan tokkoon tokkoonituu bilisummaadhanii fi dhiibbaa tokko malee kan irratti xiinxalani dha.

Kanaafuu, kitaabilee tartiibaa kan hundaatifuu giddu galeessa ijoo kan ta'e gaaffii qalbeeffannaatii kitaabinni tokkooffaa kun akka jalqabu kan eegamu. Barreeffa moota Qulqulluu irraa dubbisuun naminni tokko jiruu guutuu isaa keessatti fulloota hedduu kuma dubbisuu wajjiin kan walfakaatu miti, akkasumas kutaan "Barreeffa moota Qulqulluu Baha'i" jedhu, dubbifamota Barreeffamota Qulqulluu irraa guyyaa guyyaadhan dubbisuu fi hiikkaa isaanirratti muuxxannoo xiinxalinaa, jechuunis hirmaattoonni karaa tajaajilaatirratti yoo hirmaatan muuxxannoo fooyya'inaan gargaaru guddisuuf barbaada. Qu'achiisan warra qu'atan qu'annaa isaanitiin qajeelchuuf qalbeeffannaadhaa yaada bal'aa kennu qaba.

Barreeffamoonni Qulqulluu Baha'i dhugaawan afuuraa gadi fagoo of keessaa qaba, hiikkaa isaanii kan daangaa hin qabneen qalbeeffanna keenya fooyyessuuf yaalii goonus xummura dhuma ta'e irra homaa ga'hoo akka hin dandeenye ni beekina. Dimshaashumatti dubbifama tokko yeroo jalqabaatiif yoo dubbisnu qalbeeffanna bu'uuraa hiikkaa sirrii ni arganna. Kanaafuu Boqonnaan 1 kan kutichaa kanaa akka xuqaa ka'umsaatti fudhata. Waan ta'eefuu "Fooyya'ina addunyaa qulqullinaa fi gochawwan gaarii, waan galatoomsisuuni fi amala ga'haadhan irra ga'uun ni danda'ama" waraabbii jedhu erga dubbistaniin booda, hirmaattonni "Fooyya'ina addunyaa akkamiin irra ga'hun ni danda'ama?" jedhamee ni gaafatamu. Ilaalcha liphiiitiin gilgaaloonni fi gaafileen hedduunakkanaa kunniin yoo ilaallamu baay'ee salphaa ni fakkaatu. Garuu murtiin dhaabbataa kan yaalii waggoottaa bifaa kanaan jalqabuu kan jedhu san amanamaa taasisu. Si'annaadhan, dubbifama keessatti kan argamu baqqaa nnaawwan dhugummaa argachuuf, hiikkaa sirrii ta'e san sammuun dagachuun akka hin qabine hundi keenyayyuu yaadachuutu nu'rta jira. Qalbeeffanna sadarkaa duraa kanaatiif xiyyeffanna kennuun mar'annaa gareetiif barbaachisaa ta'uu isaatis ni mirkaneessa; yaadiwwan dhuunfaa ogummaa Afuuraatiin akka ifaman yoo taasifaman yaadinni tokkummaa kan cime salphumatti irra ga'hama.

Asirratti galumsa isaanitiin alatti jechoota leexaa irratti mar'annaa dheeraan hiikkaa sirrii dubbifamota hedduu hubachuuf akka hin fayyadine qalbeeffachuu barbaachisaa dha. Isa erga jennee, darbee darbee gareen tokko jecha tokko galmeed jechootaa keessaa ilaaluun kan isa barbaachisu ta'uu ni danda'a. Ta'us irra caalaa bu'a qabeessa kan ta'u, hirmaattonni hiikkaalee jechootaa guutuu himootatii fi keeyya ttootaa keessaa akkamiin akka baasan barachuudha.

Qalbeeffannaan hiikkaa dhiheenyatti qabu irra olitti akka bal'tu, yaadiwwan akkamiin ibsawwan qabatamaa akka argatan fakkeenyiwwan mul'san barbaachisaa ni

ta'u. Akkaataa kanaan kan eerraman hundinuu gilgaalota sirrii ta'anii dha. Fakkeenyaf, Boqonnaa 2 keessatti, hirmaattonni haaluma dubbifama dubbisaniin, amalooni muraasni kan galatoomsisan ta'uu isaanii akka murteessan ni gaafatamu. Gilgaala walfakkaataa Boqonnaa 4ii keessatti, amaloota afuuraa shan akka eeranii fi Barree ffamoota Qulquulluu keessatti "bu'uura amaloota namaa gaarii hundaa" taasifamee kan ibsame dhugummaadhan alatti kanniin argachuun waan danda'amu yoo ta'e akka murteessan ni jajjabeeffamu.

Kaayicha galmaan ga'huuf, kutaan waa'ee dubbifamoota dhihaatanii bu'aa wwan/kallattii agarsiisan akka yaadan hirmaattota qormaachudhaan gara guddina qalbeeffanna fooyya'aatti affeera. Boqonnaa 2 keessatti, "addunyaa kanarra namoon gaariin baay'ee xiqqoon waan jiraniif gochiwwan isaanii homaa bu'aa hin qaban" himni jedhu dhugaa ta'uu isaa akka murteessan ni gaafatamu. Asirratti fedhiin yaada qofa kennuufii miti. Qu'achiisan gidduudhan dhaabuun hirmaattota sababa deebii wwan isaanii gaafachuu qaba. Himichi dirqama soba ta'uu qaba, kana yoo hin taane gareen irra ga'huu kan qabu waliigalummaa kan ta'e waraabbii jalqabaa kan boqonnaa duraa wajjin walfaallessa. Baha'oni cubbuuwwan isaani kaawwaniif ofhimuu kan danda'an ta'uu isaa gaaffiin gaafatu gilgaalli akkanaa kun fakkeenydha. Dubbi famoota qu'ataman kamiin isaanituu ifaan kan hin eerramine san, barnooticha keessatti ofhimuun cubbuu irraa akka karaa bilisummaa ta'aniitti akka hin lakkaa'amne kan dhoorgu sun, "Gaaffiif osoo hin waamamiin duraatti guyyaa guyyaan of too'adhu" warraabbi jedhu hiikkaa sakatta'uudhan/qorachuudan irra gahuun akka danda'amu ni agarsiisa.

Gilgaaloonni kuticha keessa jiran hiikkawwan hedduu dhokfamanii dubbi famoota keessatti argaman hunda hammachuuf karaa kaminuu hin yaalan. Qu'achiisan tokkoon tokkoonituu hubachuu kan malu gaaffiin tokko gilgaala kenname tokkoon mar'annaa hagamiitu adeemsifamuu akka qabuu dha. Asirratti gaaffii hedduu kan walqabatan garuu yaadawan rime faayida dhabeessaatirratti mari'annaawwan ifummaa dhabisiisuun bu'ummaa kitaabichaa xiqqeessuu akka danda'u yaada keessa galchuun barbaachisaa dha; gareen tokkoon tokkoonituu yaa'ina guddinaa amansiisaa bu'uuruun irra jiraata. Hirmaattonni akkaataa filannoisaanitiin suuta suutan fooyya'aa deemaa akka jiran mirri addaa isaanitti dhagaha'muu qaba. Ta'us qu'achiisan gilgaa lonni boqonnaalee tokko tokkoo lixxinaan osoo hin qaacceffamiin saffisaani fi gubuma gubbaa akka hin lufamne xiyyeeffanna godhoo qaba. Gareewwan callisanituma deebi wwan guutudhaan haaluma kanaan itti fufan, bu'aa yeroo dheeraaf homaa hin arganne.

Qabixxiin xumuraa kan eerramamuun irra jiru: miseensi garee tokkoon tokkoonituu adeemsa barannaa kitaabichaa keessatti akka kunuunfaman hirmaannaa isaanii mirkaneessuun qu'achiisaa irratti kaawwama. Hirmaannaa kakaasuuf dhuunfaa kamyuu dhiibbaa osoo hin uumine akka dubbatu/ttu taasisuun yeroo baay'ee qormaata dha. Jalqabumatti wanti hubatumuu qabu, gaafilee gosa, "kun isiiniif maal jechuu dha?" Kana gaafachuudhan qormaanni kun hagana gahaa furmaata kan argatu akka hin taane dha. Gaafileen akkanaa kunnii beekumsaa fi dhugaa gara sadarkaa yaada/ilaalcha dhuunfummaatti akka gadi bu'an taasisu. Achumaanis mari'annaa miseensota garee gidduutti adeemsifamu dhugumaanuu guddina qalbeeffanna ol aanatiif kan kenu haala uumuuf rakkisaa ta'uu isaati mirkaneessa.

Dareen lamaffaa kan kitaabicha keessaa, akkuma kan tokkoffaadhaa, jiruu afuuratiif barmaata barbaachiisaa idileen kadhaa godhoo yaadannoo kan taasisu.

Boqonnaa seensa keessatti “karaan tajaajilaa” yaada-rime, karaa kanas deemuuf kaayyoo dachaa lamaatiin guuttamuun akka nu’rra jiru eerudhan ibsa. Hirmaattonni gara uumama kaayyoo kanaatti ilaalcha gadi fageenyaa kan isaaniif kenu, koorsilee ykn barnootii itti fufamu keessatti kan ibsamu tuuta waraabbilee ka’umsa qabatama kan ta’an ni qoratu.

Duubessa/ka’umsa dhaamsa kanaat’rra darbuudhan kutichi qoranna barbaachi summaa kadhaadhaa ittifufa. Keeyyatawan darban keessatti kan ibsaman wajjin itti dhiheeny walafkaatuun ittiin fayyadama. Gaafileeni fi gilgaalonni qalbeeffannaa hiikkaa dubbifamootaa kan Barreffamoota Qulqulluu irraa qu’ataman cimsuuf bifa ta’uun kan qophaa’anii dha. Gareen kuticha keessa yoo qaxxaamuru, qu’achiisan yaadawwan bara darbanii kan gadi fageenyan liyan hiikkalee fi barmaatilee qaacce ssuudhan shakkiiwan dhabamsiisuun kan irraa eeggamu ta’ a. Aadaawwan tokko tokko keessatti sirni baratamaa fi bocaa /ritual and form/ barbaachisummaa haala keessa isaa suutuma suuta dukaneesseera, waan ta’efuu akkuma nyaanni qaama guddisuuf barbaa chisu sanitti lubbuu namaatiif barbaachisummaan kadhaa kana irra kan xiqlaatu akka hintaane hedduun ni dagatu.

Kanaafuu, dareen hundaa olitti, fedhii “Waaqa wajjin haasa’uu” fi gara Isaatti dhihaachummaa hirmaattota keessatti kakaasuuf barbaada. Gara haala kadhaa seenuuf, kanas yoo raawwannu akkaataa lubbuuwwan keenyati fi kan sammuuwwan keenyaa, akkasumas kophaa keenyas ta’ee gamtaadhan, yaadawwan qaqqabataman gidduudhhaa haalawwan naannoo keenyatti uummamuu qaban maal akka ta’anii dha. Dhugumaanuu, waa’ee humnoota karaa kadhaa gamtaatiin uummaman yaadawwan muraasinni erga kennamanii booda, hirmaattonni walgeettii kadhaawwaniiti fi kan waaqeffannaawwani affeeroof akka yaadan ni gaafatamu.

Qu’annaan kutaa sadaffaa kitaabichaa, “jiruu fi du’a”, karaa tajaajilaa deemuuf ofkennuudha fi kanaafis hiikkaa lixaa fooyya’e gonfachiisuuf akka gargaaru ni abdda tama. Tajaajila addunyaa kana keessatti godhamu fooyya’inaan kan qalbeeffannu, jiruu keenya kan lafaatiin achitti kan darbuu fi abadiif kan itti fufu bifa guutuu jirenyaa keessattii dha; sababniis luubboonni keenya addunyaa Waaqaa hundaa keessatti abadiif waan guddattuufii dha. Leenjii tooftummaa/technical training/ tirraa kan addaa ta’e, adeemsa barnootaa keessatti hirmaattonni waan isaan raawwatan faayidaa fi hiikkaa irra caalatti dammaqaa ta’uutu isaanirra jira. Yaaliin akkuma mul’sutti barannaa ofii isaanitii dammaqaa, “abbootii” itti gaafatummaan itti dhaga’hamu ta’anii ilaaluu kan danda’an dammaqummaan akkanaa kun yoo guddate qofaa dha.

Boqonnaan kuticha tokkoon tokkoonuu Barreffamoota Qulqulluu Baha’i irraa waraabbilee tokkoo hanga sadii, gilgaalota muraasa hordofsiisuun eegala. Luuginni dubbifamootaa kan kutaa kana keessatti eerraman kuttaa lamaan darbaniit’rra caalaa qormaata dha. Dhugumaanuu gareen jechoota ulfaata’rratti yeroo baayyee fudhachuu kan barbaachisuu miti; Qu’achiisan gilgaalonni boqonnaa tokkoon tokkoonittuu ifaan agarsiisuuf kan yaalaa jiran sanniin, yaada ijoo dhihaate san tokkoon tokkoonuu qalbeeffachuu isaanii mirkaneessuu ni barbaada.

Haala/uumama mata duree dhihaateen, gilgaalonni fakkeenyawwan qabatamaa ofkeessatti kan qabatan muraasa fi darbee darbeeti dha. Baayinaan sadarkaa yaadarimeetiin kan ibsamaniidha. Gaafileen muraasaa kan gilgaalotaan kaafaman saffisaan ykn karaa gabaabaa ifaa ta’een deebifamuu akka hin danda’amine yaada keessa galuu

qaba. Isaan kan galfaman waa'ee mata duree qalbeeffanna guddisuufi dha; hirmaatto nni waa'ee gaafilee akkanaa kanniin osoo irratti yaadanii'uu, kaayyoon barumsaa guuttame jechuu dha. Duuti jijiirrama haalati dha, walqunnamittiin qaama namaati fi lubbuu namaan gidduu jiru yoo kutame, isaan booda lubbuun gara Uumaa isheetti abadiif guddatti.

kutichi ittuma fufuudhan gara gaaffii kaayyoo jiruutti xiyyeffata—Waaqa beekuu fi dhiheenya Isaa gonfachuu. Asitti mar'annaan marsaa dhaamsawan/yaada ijoowwan baba'laa lamatti naana'aa. Tokkoffaan kaayyoo jiruu keenyaa kan ddunyaa kana irrattii yoo ta'u, lamaffaan immoo du'aan booda imala/deemsa lubbuuti dha. Lubbuun mallattoo Waaqaati dha; waanta'eefuu amaloota fi maqoota hundaa calaqi siisuuf ni dandeessi. Ta'usi dhala namaan keessatti dandeettiin ibsamummaa kan dhokfamee dha; yeroo irraa gara yeroottiti dhal namaan qajeelchuuf kan dhufan Isaan Jiraattota qulqullootatiin, gargaarsa Mul'ttoota Waaqatiin qofa cimuu/guddachuu danda'a. Karaa barumsaa afuuraa Isaan kennaniin qabeenyiwanni nukeessatti dhokfaman ibsamuu danda'u.

Du'aan booda imala lubbuu ilaachisee, hirmaattonni akka irratti xiinxalan yaadawwan walqabatan dhihaataniiru:isaan Waaqaaf amanamaa kan ta'an gammachuu dhugaa ni gonfatu; nuti eenyuyyuu dhuma keenya beekuu hin dandeenyu, kanaafuu waliin yaa hafuu jechuu fi kaawan'r'ra miirri fooyya'ummaa akka nuti hin dhaga' hamne godhoo qabna; addunyaa itti aanuttis akkuma asii kanatti, lubbuun guddina ishee ittuma futti akkasumas dandeettiwwan afuuraa kan asitti guddisne achittis nugargaaru; addunyaa itti aanutti warra jaalannu sanniin wal argina, jiruu keenya kan addunyaa kanatti ture ni yaadanna, lubbuuwwan qulqulloota fi kan eebiffaman wajjin darabummaa/hiriyyummaa ni gonfanna.

Kutichi faayidawan waa'ee addunyaa itti aanu kan nuti mamii itti hin qabaane akkasumas jijiirramoonni fi hireewan jiruu asii akka nu hin gaddisiisine kan gaafatamnu dubbifama Barreffamoota Baha'u'llah tiin xumurama. Achumanis hirmaattonni kan qu'atanirratti hundaa'uudhan faayidoota maal akka qabu jiruu ofii isaanitif akka xiinxalan ni gaafatamu.



Barreeffamoota Qulqulluu Baha'i Qalbeeffachuu

Kaayyoo

Guyyaan guyyaan Barreeffamoota qulqulluu irraa
dubbisuudhaa shaakala cimsuu fi
hiikkaa isaanii irratti xiinxaluu.

BOQONNAA 1

Kaayyoon kutaa kanaa guyyaa guyyaan Barreffamoota Qulqulluu keessaa dubbifamoota dubbisuu fi hiikkalee isaanirratti xiinxaluuf shaakkala cimsuu fi jabee ssuuf isin gargaaru dhaafii. Kutichi Barreffamoota Qulqulluu keessaa waraabbii hima tokkoo akka dubbistan gilgaala salphaa isin gaafatuun jalqaba, Achumaan gaaffiichaaf waraabbichi ofuma isaatiin deebii kan ta'u san deebii kennitu. Raawwachuuuf salpha tus, gilgaalichi hiikkaa waraabbileetirratti xiinxaluuf fi qomaan akka isaan qu'attan isin gargaara.

“Fooyya'ina addunyaa qulqullinaa fi hujjiwwan gaarii, waan galatoo msisuuni fi amala ga'haan irra ga'huun ni danda'ama.”¹

1. Fooyya'ina addunyaa akkamiin irra ga'huun ni danda'ama? _____

“Yaa uummata Baha! Isaan warra jechiwwan isaanii hojjiwwan isaani tiin adda ta'u karaa isaanii akka hin deemne of eegaa.”²

2. Deemuun kan nu'rra hin jirre karaawan eenyuu faa' dha? _____

“Yaa Ilma Jiraa! Gaaffiif osoo hin waammamiin duraatti guyyaa guyyaan of too'adhu.”³

3. Gaafatamuuf osoo hin waammamiin duratti maal gochuutu nu'rra jira? _____

“Jeedhi: Yaa Obboleewan Koo! Bareeddummaan keessan hujjiwwan malee jechoota akka hin taane.”⁴

4. Bareeddummaawan keenya kan dhugaa maal ta'uu qaba? _____

“Jechoonni Eebbfaman, qulqulluni fi hujjiwwan gaariin gara ulfina mootummaa samii afuuraa ni deeman.”⁵

5. Jechoonni eebbfaman, qulqulluuwwani fi hujjiwwan gaariin maal ta'an? _____

BOQONNAA 2

Gilgaalota armaan gadi jiran jechoota ammaantana dubbiftan wajjin kan walqabataniidha. Waa'ee faayida dubbifamoota irratti irra caalatti xiinxaluuf akka isin

gargaaru kan itti yaaddamee dha; waan ta'eefuu akkuma fedhamutti hojjatamuu hin qabu. Kana jechuun gilgaalonne tokkoon tokkoonituu mar'annaa hedduu barbaada jechuu miti. Garuu gilgaalichi rakkisaa yoo ta'e, qu'achiisan garee keessanii lixinaan sakatta'uudhaf isin gargaara.

1. Wanti tokko "galatoomsisaa dha" jechuun, ulfinni kan kennamuuf jechuu dha. Kan armaan gadii keessaa galatoomsisaan kam faadha?
 - Hojjataa gaarii ta'uu?
 - Kaawwan kabajuu?
 - Hubachuu?
 - Kijibaa ta'uu?
 - Dhibaa'aa ta'uu?
 - Kaawwan tajaajiuu?
2. Gaaffiif waammamuun duratti "Galeen jedhu maal jeechuu dha? _____
3. Himoota armaan gadii keessaa dhugaa kan ta'an kamfaa dha?
 - Addunyaa kanarra namoonni gaariin baay'ee xiqlaan waan jiraniif hujjiwwan isaanii homaa bu'aa hin qabu.
 - Wanti tokko yaadawwan namoota biraa wajjiin yoo waliigale dhugaa dha.
 - Wanti tokko barnoota Waaqaa wojjiin yoo waliigale dhugaa dha.
4. Kan itti aananii jiran keessaa qulqulluu fi gochoota gaarii kan ta'an kamfaa dha?
 - Daa'imman kunuunsuu fi barsiisuu.
 - Hanna.
 - Guddina kaawwaniitif kadhaa goghuu.
 - Rakkina keessaa ba'huuf kijiba xiqlaam dubbachuu.
 - Kaawaan gargaaranii harka eeggachuu.
5. Haalawwan armaan gadii kam faawwan keessatti jechoonni nama tokkoo kan gochoota isaa ykn isheetiin adda ta'a?
 - Naminni tokko irra dedeebuun hundi keenyaa tokko ta'uu akka qabnu ni dubbata garuu haala walitti-bu'iinsa uumuun kan socho'u.
 - Naminni tokko jiruu qulqullummaa ni faarsa garuu fuudhan ala saal qunnamtii kan qabuu.
 - Naminni tokko amantaa dhugaatii alkoolii dhoorgu hordofuu isaa labsuudhan, garuu darbee darbee dhugdoo alkoolii kan dhugu.
 - Naminni tokko walqixxummaa dhiirotaati fi dubartootaa ni deegara garuu akka mindeessaatti hojji walfakkaataf dubartootaf dhiirotaa gaditti kan kaffalu.

6. Baha'iin tokko cubbuu isaa/ishee nama biraatif himuu ni eeyyamamaafii? _____
7. Cubbuu himuu'rta inni/isheen maal godhuutu irrra jira? _____
8. "Ulfina mootummaa samii afuuraa" jechuun maal jechu dha? _____
9. Hujiwwan badaan addunya 'rratti bu'aa maal qabu? _____
10. Hujjiwwan badaan namoota raawwataman san'rratti bu'aa maal qabu? _____

BOQONNAA 3

Amma waraabbilee Barreeffamoota Qulqulluu irraa dubbisaatii irratti xiin xalaa.

"Dhugummaan amaloota namaa gaarii hundaa bu'uura dha."⁶

1. Amaloota namaa gaarii hundaa bu'urri maali dha? _____

"Dhugummaa malee lubbuu kamiifuu addunyaa Waaqaa hundaa keessatti guddinni fi milkaa'ummaan guuttaamuu hin danda'amu."⁷

2. Dhugummaa malee wanti hin danda'mine maal faa'dha? _____

"Yaa uummata, qoonqa keessan dhugummaan bareedichisaa, lubboota keessanis meetii amanamummaatin bareedichisaa."⁸

3. Qoonqa keenya maaliin bareedichisuun nu'rta jira? _____

4. Lubbuuwwan keenya maaliin bareedichisuun nu'rta jira? _____

"Ijji keessan amanamaa, harki keessan adabataa, qooqinni keessan dhu goomaa, akkasumas onneen keessan ifaa haa ta'u."⁹

5. Ijji keenya akkam ta'uu qaba? _____ harki keenya hoo?
_____ qooqinni keenya hoo?
onneen keenya hoo? _____

“Isaan warri mana sagada Waaqaa keessa jiiraatan, barcuma ulifina abadii tirrallee kan taa'an, beelan du'aa yoo jiraatanellee, ollaan isaanii hanga feedhanillee badaa fi gatii dhabeessa yoo ta'anillee harka isaanii dheeressanii seera malee qabeenya isaanii hin fudhatan.”¹⁰

6. Beelan du'aa yoo jiraannellee diduun kan nu'rra jiru maali dha? _____

BOQONNAA 4

Boqonnaa 2 keessatti akkuma hubattanitti, gilgaaltonni tokko tokko kutaa kana keessatti deebiwwan ifaa afeeru. Haalaakkana jiruun waa'ee deebi'ichaa shakkiin yoo jiraate, qu'achiisan garee keessanii isinii fi hirmaattonni waliin jirtan tokkummaa yaadat'rta akka geessan isin gargaaruu ni danda'u. Gilgaalota birootiif, mari'annaan ofuma isaatinuu gati-qabeessa dha, waan ta'eefuu deebiin murtaa'e tokko hin eegamu. Itti aanuun kan jiran keessatti, gilgaalli 3 kan akaakuu duraa yoo ta'u, gilgaalli 6 ramaddii lammaffaa keessatti qoodama.

1. Dhugummaan amaloota namaa gaarii hundaa bu'uura dhaa. Amaloota garii shan tarreessaa: _____
2. Amaloota gaarii kanniin dhuggummaa malee argachuu ni dandeenyaa? _____
3. Himoota armaan gadi jiran keessaa dhugaa kan ta'an kamfaa dha?
- _____ Naminni tokko haga fedhelle soba dubbatus nama haqaa ta'uu ni danda'a.
- _____ Naminni hatu tokko harka adabataa qaba.
- _____ Harki adabataa waan isaa kan hin taane tokko hin tuqu.
- _____ Meeshaalee kitaabotaa fi fiilmotaa kan saalqunnamtti agarsiisan daawwa Chuun ija ququlluu akka qabaannu gorsa Baha'u' llah ni nutti himuun wajjiin walfaalleessaa dha.
- _____ Duguummaa jechuun kijiba dhabuu jechuu dha.
- _____ Amanamummaan meetii lubbuuti dha.
- _____ Naminni hin dhugoomine tokko afuuraan guddachuu ni danda'a.
- _____ Darbee darbee kijibuun homaa miti.
- _____ Naminni tokko beela'hee yoo hate Waaqa biratti fudhatama qaba. .
- _____ Gulana deebisinna jennee yaadudhaan, eeyyama abbaa malee wanta tokko fudhachuun hannaan miti.
- _____ Amanamummaan yoo sochoone akkasumas madaala fi dhugoomtota yoo taane, onneen keenya kan ifu ta'a.
- _____ Xiqqoo yoo gowwoomsan malee daldala milkeessisuun hin danda'amu.

4. Of sobuun ni danda'amaa? _____

5. Soba yoo dubbannu maal dhabinna? _____

6. Nu hundumtuu dhugoomitotaa fi amanamtoota osoo taanee addunyaan
 maal fakkaatti? _____

BOQONNAA 5

Waraabbilee itti aanan dubbisaatii qomaan qabadhaa. Waraabbilee Barreeffa moota Qulqulluu qomaan qabachuun baayyee kan galatoomsisu/ bu'a qabeessa dha. Waan ta'eefuu kana raawwachuu hanga dandeessanitti tattaaffii godhuun isin'irra jira. Dhugumaanuu, tokkoon tokkoon namaatuu, dubbifamoota salphumatti qomaan qabach uuf hin dhanda'u. Haata'u malee, tattaaffii godhuun, yaadawwan onnee fi sammuu keenya keessatti bocuu fi hanga danda'amutti yaadawwan kan gara barreffama ijootti dhihaatan ibsuuf nugargaara.

“Qooqinni gaariin harkiisaa onnee namootati. Kun nyaata afuuratii dha, jechootatti hiikkaa ni uuwwisa, burqaa ifaa kan ogummaati fi kan qalbee ffannaati dha.”¹¹

1. Qooqinni gaariin akkamitti ibsamuu danda'ama? _____

2. Qooqinni gaariin jechoota'irratti bu'aan inni qabu maalidha? _____

“Isin yaa jaalatamtoota Goftaa! Bara Eebbifamaa Muldhinna kanaa, walitti bu'uuni fi walmormuu akkaataa kamiinuu hin eeyyamamu. Dubbii haadhan tokkoon tokkoonituu kenna Waaqaati'irra of dhoorga.”¹²

3. Akkataa waraabbii olitiin, bara Muldhinna kanaa kan hin eeyyamaminne maali dha?

4. Dubbii haadhan maal of godha? _____

**“Guyyaa kana, jaalatamtoota Waaqaa gidduutti walii-galuu dhabuu fi
 dubbii kaasuu, walmormuu, wal-dhabuu fi walitti garaa jabaachuu kan
 fakkaatan caalaa wanti Amantii kana'rratti miidhaa geessisuu danda'u
 homaa hin jiru.”¹³**

5. Amantii Waaqaatirratti akkaataawwan maal faa' tu miidhaa guddaa geessisa?
-
-

"Goshummaa jechoota qofaan ibsuudhaan hin booharinaa, karaa keessan irratti kan argitan maraafuu onneen keessan jaalala fi arjuummaadhan haa boba'u."¹⁴

6. Goshummaa akkamiitti kan nu hin booharsine? _____
-

7. Onnee keenya keessatti ifaan boba' uun kan 'irra jiru maali dha? _____
-

"Yaadinni waraanaa yoo dhufe, yaada jabaa caalaa nagaatiin mormadhaa. Yaadinni jibbiinsaa irra caalaa jabaa jaalalaatiin barbadaa'uu qaba."¹⁵

8. Yaada waraanaa mormachuu kan qabnu maali dhaani? _____
-

9. Yaadinni jibbiinsaa maaliin barbadaa'uu qaba? _____
-

BOQONNAA 6

Waraabbii olii yaada keessa galchuun, gilgaalota itti aanan hojjadhaa:

1. "Maagneetiin" jecha bira loobila sibiila harkisuudha. Qooqinni gaariin akka loobilaatti tajaajiluu kan danda'u akkaataa kamiini dha? _____
-

2. Himoota itti aanan keessaa kamfaa dha kan qooqa gaarii tokko'rраa argaman?

- "Na'rakkisiin!"
 "Kun maaliif sii hin galle?"
 "Maloo, turuuf fedhii keetii? "
 "Daa'imman badduu akkamiiti dha!"
 "Galatoomi, ati baa'yee arja dha."
 "Amma siif yeroo homaa hin qabu. Hujjiin natti baayyate."

3. Akkaataawwan itti aanan kamfaa keessatti Wal-dhabiinsi fi walmormiin argamu?

- Yeroo mari'annaa namoonni lama mata-duree tokko tokko irratti yaadawwan adda addaa yoo ibsan.

- _____ Yeroo mari'annaa namoonni lama wallolu akkasumas walfalmu.
 - _____ Namoonni lama waan wal hindubisineefuu hirmaanna walgeettii kadha nnaa torbee dhiisaniiru.
 - _____ Miseensonni garee tokkoo kan proojeektii tokko irratti walgargaaran, tokkoon isaanii kan biroo itti gaafatamummaa isaanii bahuutti hin jiran jechuudhan komatu.
4. Himoota itti aanan keessaa mallattowwan wal-dhabiinsaa kan agarsiisan kamfaa dha?
- _____ Goshoonni lama daandirratti yoo walbiradarban waldagatu.
 - _____ Gara walgeettii kadhanna yoo dhuftu, hundumtuu nagaa oo'aadhaan ishee simatu.
 - _____ Tokko kaawwaniin kan walkabajan yoo ta'el ee, miseensonni lama proojeektii tokko keessatti waliin hirmaachuuf fedhii hin qaban.
5. Himoota asii gadii dhugaa ta'uun isaanii murteessaa:
- _____ Naminni tokko waa'ee kaawanii yoo yaadu sirriidhan dubbachuu'tu Isa'rra jira, onnee isaanitti yoo komatanis homaa miti.
 - _____ Walitti bu'iitii balleessuuf jedhamee soba yoo dubbatan homaa miti.
 - _____ Walitti bu'iitii jaalala fi arjummaadhan injifachuu ni danda'ama.
 - _____ Jechoonni jaalalaan yoo dubbataman irra caalaa bu'a qabeessa dha.
 - _____ Naminni tokko lola yoo kaase isaan wal-loluun sirrii dha.
 - _____ Naminni tokko yeroo dhibame ykn gadde kaawanittu ori'uuf mirga qaba.
 - _____ Kuuwan dogoggora tokko yoo raawwatan isaan irratti kolfuun arjummaa miti.
 - _____ Hiriyoota gidduutti walitti muufannaan yoo jiraate, tokkoon tokkoonuu gara waliitti dhiyaa'chuuf tattaaffii addaa godhuu'tu isaan'irra jira.
 - _____ Hiriyoota gidduutti walitti muufannaan yoo jiraate, tokkoon tokkoonuu gara waliititi dhiyaa'chuuf tattaaffii hanga godhutti kan bira eeguu'tu isa'irra jira.

BOQONNAA 7

Waraabiblee asii gadii dubbisaatii qomaan jedhaa.

“...Hamiitin ifa onnee ni dukkaneessa, jirenya lubbuutis ni balleessa.”¹⁶

“Ati ofii keeti'nuu cubbamaa waan taateef, cubbuu kaawanii hin odeessin.”¹⁷

“Waan badaa hin dubbatin, yoo sirratti dubbatanis hin dhaga’hin, balleessawan kaawwanii hin guddisin, balleessawan kee guddatee akkha hin muldhane...”¹⁸

“Yaa Ilma Jiraa! Akkam ballessawan kee irraaffattee balleessawan Kaawwanii irratti xiyyeffatta?”¹⁹

1. Hamiitiin hamataa'irratti miidhaa maal qaba? _____

2. Cubbuuwan kaawwanii odeessuun duratti maal yaadachutunu'rta jira?

3. Balleessawan kaawwanii yoo guddisinu maaltu nu 'irra ga'ha? _____

4. Balleessawan namoota biroo yeroo yaadinu maal yaadachuu qabna? _____

BOQONNAA 8

Waraabbilee olii yaadaa keessa galchuun, gilgaalota itti aanan hojjadhaa:

1. Naminni balleessawan namoota biraat'rratti xiyyeffatu tokko guddina lubbuu ofii isaat'rratti maal uuma? _____

2. Hamiitiin hawaasa tokko'rratti miidhaa maal qaba? _____

3. Goshoon tokko balleessawan nama biraan isiniti odessuu yoo jalqabu maal gootu? _____

4. Himoota asii gadii dhugaa ta'uu isaanii murteessaa:
 - ____ Waa'ee dogoggowan dhugaa kan nama tokkoo yoo dubbannu, hamachaa hin jiru.
 - ____ Waa'ee amaloota galatomsisaan nama tokkooti fi dogoggowan isaa yeroo tokkotti yoo dubbannu, hamachaa hin jiru.
 - ____ Hamiitiin hidhata-hawaasa keenya keessatti baratameera, kana ballees suuf naamusaa cimsuutu nu'rta jira.
 - ____ Dhageeffataan waa'ee nama biraan tokko kan nuti itti himnu san deebisee akka hin odeessine waadaa yoo nu gale, hamiitiin miidhaa wayyituu hin qabau.
 - ____ Diinoota baay'ee gurguddoota tokkummaadhaa keessaa tokko hamiiti dha.

- Yeroo hunda waa'ee namoota kaawanii odeessudhaa barmaata yoo qabaanne, gara balaa hamititti kufaa jirra.
- Dandeettiwan namoota adda addaa walga'hii Gumii Afuuraa kan Naannoo keessatti miseensota koree ramaduuf yoo mar'atamu, kun hamiti dha.
- Miirri keenya hamachuuf yoo nu kakaasu, waa'ee dogogorawwan ofii keenyaa yaaduun nu'rra jira.
- Naminni tokko wanta Amantii miidhu raawwachaa akka jiru yoo beekine, miseensota hawaasaa wajjiin mari'achuu qabina.
- Naminni tokko wanta Amantii miidhu raawwachaa akka jiru yoo beekine, Gumii Afuuraa kan Naannoo qofa beeksuu qabina.
- Haati manaati fi Abbaan warraa tokko iccitiwan waldhoksan waan hin qabineefuu dogogorawwan kaawanii yoo odeessan dogoggora miti.

BOQONNAA 9

Jalqaba irratti akkuma ibsametti, kaayyoon kutaa kanaa, hirmaattonni Barree ffamoota Qulqulluu irraa dubbifamoota guyyaa guyyaadhan dubbisuu fi hiikkaa isaanii tirratti barmaata xiinxalinaa guddisuu fi cimsuuf tattaaffii godhamuuf gargaaru dha. Guyyaa guyyaadhan ganamaa fi galgala Jechoota Waaqaa barnoota Baha'u'llah dubbi suun guddina afuuratiif kan gargaaru dha. Dubbifaminni itti aanu dirqama kana galmaan ga'huudhan kennawwan fudhannu sanniin nu yaadachiisa, waan ta'eefuu qomaan qaba nnaa keessan akka cimsitan ni jajjabaattu:

“Iccitiwan isaanii akka ibsitani fi faayawan ogummaa gadi fagoo isaan keessatti dhokfaman sanniin hundaa akka argattan, garba jechoota Kootii keessatti of dhidhimisaa.”²⁰

Kutaa kana akkuma xummurtaniin, Barreeffamoota Baha'u'llah keessaa kitaaba tokko argachuudhan guyyaa guyyaadhan isa irraa dubbisuuf ni barbaaddu ta'a. Jechooni Dhokfaman filannoo gaarii kan jalqabaati dha.

Madda waraabiileen irraa fudhataman

1. Baha'u'llah, cited in Shoghi Effendi, The Advent of Divine Justice, (Wilmette: 'Trust' Maxxansaa Baha'i, 2006,2018 kan maxxanfame), keyyata 39, Fuula 36-37.
2. Giliinigis Barreeffama Baha'u'llah keessaa, (Wilmette: 'Trust' Maxxansaa Baha'i, 1983, 2017 kan maxxanfame),139, keyyata 8, fuula 345.
3. Baha'u'llah Jechoota Dhokiffaman (Wilmette: 'Trust' Maxxansaa Baha'i, 2003, 2012 kan maxxanfame), Arabiffa lakk. 31, fuula 11.
4. Kitaaba asii olitti kenname irraa, Faarsinya lakk. 5, fuula 24.
5. Kitaaba asii olitti kenname irraa, Faarsinya lakk.69, fuula 46.
6. Abdul-Baha, Shoghi Effendhi dhan 'The Advent of Divine Justice' keessatti kan eerrame, keyyata 40, fuula 39..
7. Kitaaba asii olitti kenname irraa.
8. Giliinigis Barreeffamoota Baha'u'llah keessa lakk. 136, keyyata 6, fuula 336.
9. Barreeffamoota Baha'u'llah Kitaaba Aqidasiin booda kan ibsame (Wilmette: 'Trust' Maxxansaa Baha'i, 1988, 2005 kan maxxanfame), lakk. 9.5, fuula 138.
10. Giliinigis Barreeffamoota Baha'u'llah keessa, 137 keyyata 3, fuula 338.
11. Kitaaba asii olitti kenname irraa, 132, keyyata 5, fuula 327.
12. Waadaa fi Dhaamsa Abdul Baha (Wiilmeeti: 'Trust' Maxxansa Baha'i, 1994, 2013 kan maxxanfame), fuula 26.
13. Giliinigis Barreeffamoota Baha'u'llah keessaa, 5, keyyata 5, fuula 8.
14. Paris Talks: Haasaawwan Abdul-Baha tiin guyyaa 16 fi 17 October 1911 Paarisi keessatti Kenname irratti kan maxxanfame: 1911 Haasaawwan Abdul-Baha tiin kennaman (Wiilmeeti: 'Trust' Maxxansa Baha'i, 2006, 2016 kan maxxanfame), lakk. 1.7,fuula 6..
15. October guyyaa 21, 1911, haasaawwan Abdul- Baha tiin kennaman, Kitaaba asii olitti kenname irraa, lakk. 6.7, fuula 22.
16. Giliinigis Barreeffamoota Baha'u'llah keessaa, 125, keyyata 3, fuula 300.
17. Jechoota Dhokfaman, Arabiffaa Lakk. 27, fuula 10.
18. Kitaaba asii olitti kenname irraa, Faarsinya lakk. 44, fuula 37.
19. Kitaaba asii olitti kenname irraa, Arabiiffa lakk. 26, fuula 10.
20. Giliinigis Barreeffamoota Baha'u'llah keessa 70, keyyata 2, fuula 154.



Kadhaa

Kaayyoo

**Barbaachisummaa kadhaa irraati xiinxaluudha fi
idileedhan barmaata kadhannaan cimsuuf**

BOQONNAA 1

Koorsiwwan Dhaabbata Ruhi kan karoorfaman hirmaattonni daandii tajaaji laarra akka deeman gargaaruufii dha. Daandii kana kan deeminu sababa kaayyoo dachaa lamaatiin kakaaneeti dhaa – sammuuni fi afuuran guddachuuf akkasumas jijiirama sabaatiif gumaachisuufi dha. Biftiwwan kaayyoo keenyaa lamaan kunniin addaan kan hin baane dha. Baha'u'lla n dubbfama tokko keessatti akkanatti jabeessee nu yaadachiisa:

“Dhimmawwan ofii keessanniitin qofa of hin camadaminaa; yaadawwan keessan carraawan dhala namaa jijiiran akkasumas wanta onneewwa nii fi lubbuuwwan namootaa qulqulleessan irratti xiyyeffachiisaa.”¹

Inni, dubbfama biraa irrattis yoo ibsu:

“...Kaayyoon namoonni du'aan homummaa irraa gara addunyaa jirenyu mmatti dhufaniidhaa, jijiirama addunyaatiif akka hojjataniif akkasu mas walii-galuuni fi wal-simachuun akka wajjiin jiraataniifi dhaa.”²

Inni, haala keessa keenyaa wajjin kan wal-qabateen: akkanatti ibsa:

“Onnee qulqulluun akka daawwitiiti; aduun dhugaa keessatti akka calaqi stuu fi barraaqni abadii akka bari'uuf, Waaqaa malee waan biraahunda rraa haxaa'aa jaalalaati fi ofgadhiisun qulqulleessaa.”³

Akkasumas Abdul-Baha akkanatti nutti hima:

“Fudhatoota kennaawan afuurummaa akka taatan onneen keessan qulqulluu, fedhiwwan keessanis qajeelaa ta'uu qaba.”⁴

1. Xiyyeffannaan yaadawwaniiti fi dhiimmawwan keenyaa maal ta'uutu irraa jiraata? _____

2. Kaayyoo maalitiif homummaa irraa gara addunyaa jirenyummaatti dhufine?

3. Daawwitii onnee keenyaa maalin qulqulleessutu nurra jiraata? _____

4. Kennaawan afuurummaa kan harkisan haalliwyan muraasini maal fa'dha? _____

5. Kan armaan gadii keessaa kamfaatu dhugaa dha?

- _____ Duraan dursee of' kunuunsuun si irra jiraata, itti aansee kan biroo kunuunsuu ni dandeessa.
- _____ Yeroo hundaa kaawwan gargaara yoo jiraatte, galmoota kee arguu ni dadhabda.
- _____ Jaalalloon baay'ee irra caalaa sitti dhihoo sumaa dha.
- _____ Wanti ijoon maaltu akka si gammachiisu beeku dha.
- _____ Abjuuwwan kee hordofi, isaanis gara gammachuutti si qajeelchu.
- _____ Eenyuuyyu hin midhiin malee, waan kamiyyuu yoo hojjatte homaa miti.
- _____ Waan gaarii hojjadhu malee, fedhiin kee ofjaalataa ta'us homaa miti.

BOQONNAA 2

Giddu-galeessi jabeeniyummaa kaayyoo dachaa lamaanii keenyaa nu'hundinuuu kabajamaa taanee uummamuu keenya dha: Baha'ullah n akkana jedha:

“Yaa Ilma Afuuraa! Dureessa godheen si uume, maaliif gara hiyyummaatti gadi of buufta? Kabajamaa si godhe, maaliif of salphifta? Beekumsa bu'uura tirraa jiraachummaa sii kenne, maaliif Anaan ala ifa beekumsa biraa irraa barbaadda? Biyyee jaalalaatirraa si hojjadhe, akkamitti kan biraa wajjiin of goshoomsita? Laalcha kee gara ofiitti deebisi, keessa keetitti humna qabeessa, humnaan guuttamaa fi ofii isaatiin jiraataa ta'ee dhaabbadhee akka Na arga ttuuf.”⁵

Bakka duwwootaa asii gadi jiran guutuun dubbifama kana irratti xiinxaluuf isin gargaara.

“Yaa Ilma Afuuraa! _____ godheen si uume, maaliif gara
_____ gadi of _____ ? _____
si _____, maaliif of _____ ? _____
_____ tirraa jiraachummaa sii kenne, maaliif _____ ala
_____ biraa irraa _____ ? Biyyee
_____ tirraa si _____, akkamitti kan _____
wajjiin of _____ ? _____ kee gara _____
deebisi, keessa keetitti _____, _____
fi _____ dhaabbadhee akka
_____ argattuuf.”

Ulfinummaan lubbuuwwan keenyaa akka dhugoomaniif, gara burqaa jiraachu mmaa keenyatti deebi'uudhan Isa irraa ifa beekumsaa barbaaduu qabna. Kana gonfachuuf karaawwan amansiisan baay'ee guddaa ol aanan tokko kadhaa dha. Guddisaa Amantii kan ta'e Shoghi Effendi akka nutti himutti, galmi ijoon “amaloota afuurati fi humnoota gonfachuudhan, dhuunfaadhani fi sabaan gudda chuu dhaa. Dura soorachuun kan irra jiru lubbuu namaati dha. Nyaanni afuuru

mmaa kunis hunda caalaa kadhaadhan dhihaachuu ni danda'a.”⁶

BOQONNAA 3

Waaqni Hunda-Beekaa, Ogeessa-Guutu dha. Kan nu uumes Isadha, waan onneewwan keenya keessa jiru hundaa fi waan nuuf barbaachisu ni beeka. Kadhaa wwan keenya hin barbaadu. Maarree maalif kadhanna?

Abdul-Baha yoo ibsu:

“Kadhaa baay'ee guddaa ol-aanuun, namoonni wanti kadhataniif jaalala Waaqaa qofaaf jedhaniiti malee Isa ykn Aazaaba sodaachuun, ykn arjummaa ykn mootummaa samii argachuudhaf abdii godhuudhanii miti. ...Naminni tokko jaalala dhala nama biraat tokkootin yoo booji'ame, maqaa jaalatamaa sanii kaasu'rraa ofqusachuun hin danda'amuuifi. Waaqa jaalachuuuf kan ga'he sun immoo Maqaa Isaa kaasuu irra dhooggamuun hagam ga'haa caalaa rakkisaa dha... Naminni afuuraa, Waaqa yaadachuun malee waan biraatiin homaanuu gammachuu hin argatu.”⁷

Inni, gaafidhaafis deebii yoo kenu, akkanatti ibsa:

“Jaalataan tokko kan biraa yoo jaalate, jaalala san ibsuuf barbaaduun waan eeggamuu mitii? Hagamillee jaalalloon waa'ee jaalalaa kan beeku ta'uu isaa beekuusi, itti himuuf hin barbaaduu?....Waaqni hawwiwwan onneewwan hundaatuu kan beeku ta'uun dhugaa dha; garuu mii'rri dhiibbaa kadhachuudhaa naminni jaalala Waaqaaf qabu irraa kan burqu fedhii uummamaati dha.”⁸

- ## 1. Himoota asii gadii Guutaa:

- a. Kadhaa _____, _____ Waaqatif qofa, Isa
ykn _____ sodaachuun, ykn _____
ykn _____ abdiil
godhuudhanii miti.

b. _____ dhala nama biraat tokkootin yoo booji'amne,
_____ kaasu'rraa ofqusachuun
_____. _____. kan ga'he sun
Immo Maqaa Isaa _____ irraa dhooggamuun hagam ga'haa
caalaa _____ dha.

c. Naminni afuuraa Waaqa _____ malee waan biraatiin
homaanuu _____ hin argatu.

- ## 2. Maaliif kadhanna?

3. "Waaqa yaadachuu" gaaleen jedhu maal jechuu dha? _____

4. Namni nama biraajaa jaalatu tokko hawwiin baay'ee cimaan isaa maali dha? _____

5. Dhiibbaan miiraa kan kadhachuudhaa maal irraa madda? _____

BOQONNAA 4

Kadhaawaan Baha'u'llah dhan ibsaman keessatti akkanatti dubbisna:

"Kadhaan koo bareedduummaa Kee akkan hin argine haguuggota na' dhorgan ibidda isaan gubuu fi ifa gara Dhiheenyaa galaana Keetitti na'qajeelsisu akka naa ta 'u... Sin kadhadha."⁹

Kadhuma walfakkaatu san keessatti Waaqa ni warwwaanna:

"Yaa Gooftaa koo! Kadhaa koo, birmadummaan Kee hanga jirutti akkan jiraadhu fi addunyaalee Kee addunyaa tokkoon tokkoonitittuu maqaa Kee kaasuu akkan itti danda'u burqaa bishaanota jireenyaa naa godhi."¹⁰

1. Kadhaan ibidda kan fakkaatu bifaa kamiini dha? Maal fixa? _____

2. Haguuggota muraasa kan Waaqa irraa nu'cufan eeraa: _____

3. Kadhaan ifa fakkaachuu ni danda'aa? Garamitti nu'qajeelcha? _____

4. Kadhaan burqaa jirenyaa bishaanotaa fakkaachuu ni danda'aa? Lubbuuwwan keenyarratti maal nu'gonfachiisa? _____

BOQONNAA 5

Jechoota Abdul-Baha kan itti aanan dubbisaatii irratti xiinxalaa:

“Uummama addunyaa keessatti kadhaa caalaa mi'aawaa wanti ta'e homaa hin jiru. Naminni haala kadhaa keessa jiraachuu qaba. Akkaataan baay'ee irra caalaa eebbfame akkaataan kadhaati fi kan warwaatummaati dha. Kadhaan Waaqa wajjiin haasa'uu dha. Waaqa wajjiin haasa'uu malee kaayyoon biraa baay'ee guddaan ykn akkaataan baay'ee irra caalaa mi'aawaan homaa hin jiru. Afuurummaa ni uuma, qalbeeffannaa fi samii afuuraa ni uuma, harkisoota haaraa kan Mootummaa Samii ni argamisiisa, akkasumas fudhannoota dammaqinsa ol aanaa ni uuma.”¹¹

1. Uummama addunyaa keessatti akkaataan baay'ee irra caalaa mi'aawaan maali dha? _____
2. Gaaleen “haala kadhaa” jedhu maal jechuu dha? _____

3. Amaloota gaarii kadhaadhan uummaman gidduudhaa muraasa eeraa: _____

4. Waraabbilee boqonnaalee muraasa kanniin keessatti qu'attan irra deebi'aa akkasumas uummama kadhaat'rratti gaalee shan barreessaa.
_ Kadhaan _____ dha.
_ Kadhaan _____ dha.
_ Kadhaan _____ dha.
_ Kadhaan _____ dha.

BOQONNAA 6

“Yaa tajaajilaa Koo! Mi'aayinni yeedaloo keetii lubbuu kee akka bobee ssuu fi onneewwan namoota hunddaatuu akka harkisu, waraabbilee Waaqaa kan fudhatte san, isaan gara Isaatitti dhihaatan akka faarsan sanitti faarsi. Waraabbilee Waaqaan ibsaman naminni kamyuu kophaa isaa kutaa keessa taa'ee yoo qomaan yoo jedhe, facaasituun maleekotaa Hunda Danda' aadhaa, urgaajechoota qulqulluu afaan isaa keessaa ba'hu baldhinaan karaa hunddattuu ni facaasu; dha'hiinsi onnee namoota qulqullootaa kan tokkoon tokkoonituu akka eda'atu godha. Hagamillee duraan dursee bu'aa isaa hubachuu yoo baates, kenni eebbaa kan isaaaf kenname ariifannaanis ta'ee turuun lubbuu isati'rratti huminna jijjiiru muldhisuun isaa waan hin hafinnee dha. Karaa eeyyama Burqaa Isaa kan ogummaati fi kan huminnaa kan ta'een, iccitiiwwan Muldhiiinna Waaqaa akkaataa kanaan labsameera.”¹²

1. Jechi “faars” jedhu maal jechuu dha? _____

-
-
-
-
2. Waraabbilee Waaqaa akkamiin faarsuu qabna? _____
-
-
-
-
3. Jechi “qomaan jedhi” jedhu maal jechuu dha? _____
-
-
-
-
4. Jechi “facaasuu” jedhu maal jechuu dha? _____
-
-
-
-
5. Mi’ayinni yeedaloo keenyaa lubbuuwwan keenyarratti bu’aa maal qaba? _____
-
-
-
-
6. Mi’ayinni yeedaloo keenyaa lubbuuwwan kaawwaniirratti bu’aa maal qaba? _____
-
-
-
-

BOQONNAA 7

Dubbifamoota lamaan itti aananii jiran kan Baha’u’llah n ibsaman qomaan qabachuuf ni barbaaddu ta’ā:

“Yaa Waaqa, Waaqa koo! Samii’dha fi dachee kan marse eeyyama Kee ilaali malee hawwiwwan kooti fi gochawan koo hin ilaaliin. Maqaa Kee Irra Caalaa Guddaadhan, yaa Ati Goftaa saboota hundaa kan taate! Ati kan barbaadde qofa barbaadeera, Ati kan jaalattusi qofa jaaladheera.”¹³

“Gara Kee kan dhihaatan galatinni isaan dhiheessan gara dhiheeyna samii Keetii ba’huu irraa, ykn isaan simbiiroota onneewwan namoota siif bulaan gara balbala teessoo Keeti ga’huu irraa baay’ee kan ol- aantedha. Ati amaloota hundaat’rraa kan qulqulloofte; maqoota hunda ol qulqulluu ta’uu Kee nan mirkaneessa. Hundaa ol kan Aante, Ulfina guutuun kan guuttamte Si malee Waaqanni biraahin jiru.”¹⁵

BOQONNAA 8

Abdul-Baha yoo ibsu:

“Kadhachuuni fi Waaqaa irraa deeggarsa gaafachuun, gargaarsa Isaatis warwaachunii fi kadhannaan dirqama tajaajilaati dha. Sadarkaan tajaajilu mmaa akkana ta’ā, Gooftanis ogumaa guutuu Isaa wajjiin kan walta’u, Inni kan barbaadu wanta kamiyyuu ni ajaja.”¹⁵

Inni, akkanattis ni ibsa:

“Afuurrii dhiibbaa qaba; kadhaan bu’aa afuurummaa qaba. Kanaafuu, yaa Waaqa koo! Dhibamaa kana fayysi jennee kadhanna. Tarii Waaqni deebi ni kenna ta’ā. Kan kadhatus suni eenyuummaan isaa gara garummaa ni fidaa? Kadhaan sun hatattamaa yoo ta’e, Waaqni kadhaa tajaajiltoota tokkoon tokkoonitiifuu deebii ni deebisa. Araarri Isaa baldhaa, daangaa kan hin qabnee dha. Inni kadhaawan tajaajiltoota Isaa kan hun daatuu ni deebisa. Inni kadhaa biqilaa kanaatif deebii ni kenna. Biqiltichi karaa hin muldhanneen, “Yaa Waaqa! Rooba naaf ergii!” Jechuu dhan ni kadhata. Waaqinni kaadhichaaf deebii kennuudhan biqiltichi guddata. Waaqni eenyuyyuufuu deebii ni kenna.”¹⁶

Kadhaawan keenyan fedhiiwwaan keenya akka nuuf guutu Waaqa gaafachuun keenya uumamummaa dha. Kanaafuu fayyaa keenya fi fayyaa namoota jaalannutif ni kadhanna, guddina maatiwwan keenya kan afuurummaati fi kan qaamaatiif ni kadhanna. Qajeelchafis ni kadhanna. Karaa tajaajilaa irratti jabeenyummaa, amantii, fi mirkanummaa ni gaafanna. Dhugumaanuu gara Waaqaatti yoo kadhannu, Kaayyoон jiruu keenya Eeyyama Isaa wajjiin walta’uu isaa yaadachuu qabna. Kanaafuu Eeyya minni Isaa akka raawwatamuu fi Isaafis ofummaa keenya bulchisiisuuf qophaa’aa akka taanu kadhachuutu nu’rra jira. Jechoota Abdul-Baha kan itti aanan qomaan qabachuuuf tattaaffii yoo gootan, yeroo hundaa burqaa gammachuuti fi kan mirkanu mmaa ta’udhan tajaajiltuu:

“Yaa ati fuula kee kan gara Waaqaatitti deebisurratti argamtu! Ijoota kee waan hundarrraa cufi, addunyaa Hunda Caalaa-Kabajamaatitti isaan saaqi. Wanta fedha keetii kamiyyuu taanan Isa qofa’rraa gaafadhu; wanta barbaaddu kamiyyuu taanan Isa qofarraa gaafadhu. Ilalcha tokkoon abdiwwan kuma dhibba kenna, mildhanna tokkoon dhibeewwan hin fayyine kuma dhibba fayyisa, soso’aa mataa Isaa tokkoon madaa tokkoon tokkoon irrattu qoricha buusaa, Liphii tokkoonis onneewwan gada dirii sibilaat’rraa bilisa baasa. Inni akkuma godhu godha, maal godhoo dandeenya, Inni fedha Isaati godha, waan jaalates ni ajaja. Waan kanaafuu harka keennuudhan mataa kee gadi qabdee, abdii kee Gooftaa Hundaa Caalaa Araaran Guuttamaarratti gatuu sii wayya.”¹⁷

BOQOONNA 9

Wanta hanga ammatti qu’anne hinda’irraa, kadhaadhan gara Waaqaatti garagaluun ulaagaa barbaachisaa jiruu afuurummaa akka ta’ē ifaa dha. Keessattuu ganama irriiba irraa erga kaaneen booda battalumatti akkasumas galgala gara irriibaa

deemuun duratti Waaqa kadhachuun akkam mi'aadha. Guyyaa guyyaadhan kadhaa godhuun yeroon nuti dabarsinuu fi baayyinni kadhaawwanii fedhiwwan keenya fi dheebuu afuurummaa keenyatirratti kan hundaa'ee dha. Haala kamiinuu, kadhaawwan hedduu Baha'u'llah n, Bab fi Abdul-Bahatin ibsaman keessaa filachuuf ni dandeenya. Baha'u'llah n immoo, kadhaawwan dirqamaa kan guyyaa guyyaanii sadi ibseera. Shoghi Effendi akkana jedha:

“Kadhaawwan dirqamaa kan guyyaa guyyaanii lakkofsan sadii dha. Baay'ee gabaaban keeyyata tokko kan qabu sa'atii digdamii afur keessatti yeroo tokko kadhatumuu qaba. Giddu galeessi ‘Isa malee Waaqinni biraakka hin jirre Gooftaan mirkaneessa dha’ jechoota jedhuun kan jalqabu, guyyaatti yeroo sadi ganama, guyyaa wadhakkaa irratti, fi galgala kadhata muu qaba. Kadhaan kun sochiilee qaamatii fi mallatoowwan muraasaa wajjiin deema. Sadeen keessaa kadhaan dheeraan baay'ee baldhina qabu, nama kadhachuu barbaadu tokkoon yeroo fedhu kamittuu, sa'atii digdamii afur keessatti yeroo tokko qofa kadhatumuu irra jira.

“Amanaan kadhaawwan sadeen kanniin keessaa tokko filachuuf guutuu maan guututti bilisaa dha, garuu kanniin keessaa tokko akkaata qajeel choota muraasa isaan wajjiin deemaniin kadhachuun dirqama qaba.”¹⁸

Inni itti fufuudhanis:

“Kadhaawwan dirqamaa kan guyyaa guyyaanii kunniin, akkasumas adda ta'anii kan ibsaman kan akka Kadhaa Fayyiinaati fi Eergaa Ahiimad, kan jiran kadhaawwan muraasa biraakka kan ta'an wajjin Baha'u'llah dhan huminna adda ta'ee fi hiikkaa guddaan waan kennamaniif, dhugaa kanaa fudhachuudhan, amantoonni, kadhaawwan kanaan haala caaluun gara dhiheenya Waaqaan wajjiin qunna'aminaa ga'huu fi Seera fi Qajeelchota Isaatiif akkaataa irra caalaan guuttameen of bulchuu akka danda'an amantii hin shakkamineeni fi onnee guutudhaan faarsuutu isaanirra jira.”¹⁹

Baha'u'llah n kan mu'dhifaman kadhaawwan dirqamaa sadeenuu dhuunfan kan jedhamanii dha. Kadhaan guyyaa guyyaanii bifaa sirna kadhaa kan akka yaa'idhaan walghanii jedhaman Amantii Baha'i keessa hin jiru. Seera Baha'i tiin kan abbo mmame kadhaa nama du'eetifii qofatu yaa'idhaan walghanii jedhama. Kun awwaalun duratti isaannan jiran gidduuudhaa tokkoon kan jedhamu yoo ta'u, kan hafan immoo callisuun dhaabbatanii caqasu.

1. Jechi “Dirqama” jedhu maal jechuu dha? _____

2. Baha'u'llah n kadhaawwan dirqamaa meeqa ibseera? _____

3. Kadhaawwan sadeenuu guyyaa guyyaadhan godhuun nu'rra jira moo? _____

4. Kadhaa dirqamaa dheerticha godhuudhaa yoo filanne, guyyaatti yeroo meeqa godhuu qabna? _____

5. Kadhaa dirqamaa giddu galeessaa godhuudhaa yoo filanne, yeroo meeqa? _____
6. Kadhaa dirqamaa gabaabicha godhuudhaa yoo filanne, yeroo meeqa? _____
7. Kadhaawwan huninna addaa qaban muraasa ibsaa: _____
8. Kadhaa dirqamaa gabaabichaa hanga ammatti yoo hin yaalle, qomaan qabadhaa:
“Yaa Waaqa koo, akkan Si beekuu fi akkan Sii sagadu na uumuu Kee nan dhugoomfadha. Yeroo kanatti laafummaa kooti fi jebeenyummaa Kee, hiyyu mmaa kooti fi durummaa Kee nan mirkaneessaa.
“Yeroo rakkinaa kan nama gargaartu, Ofumaan Jiraataa kan Taate, Si malee Waaqni biraan hin jiru.”²⁰
9. Kadhaa Kanaan maal mirkaneessina? _____

BOQOONNA 10

Seera kadhaa dirqamaa hojiirra oolchuu keenyaan kennawwan nuti argannu irraa fi kadhaawwan biroo dhuunfaan goonu irraa cimina argannu dabalatee, walgahiiwwan guddaattis ta'e xiqlaatti kadhaawwan yoo godhaman yoo dhageenyu lubbuuwwan keenya ni dadamaqu. Baha'u'llah n akkanatti nutti hima:

“Jaalalummaa fi gammachuu ol aanuun tokkummaadhan walghahuun waraabiblee Gooftaa gara-laafaan mu'dhifaman dubbisaa. Kana godhhuu dhan balballi beekumsa dhugaa kan jirummaa keessa keessaniitif ni ibsama, akkasumas lubbuuwwan keessan jabeenyummaan yoo gonfatamuu fi onnee wwan keessan immoo gammachuu calaqisuun yoo guuttamu isinitti ni dhagahama.”²¹

Naannawa addunyaatti Jaalatamtooni fi ollaawwan tokkummaan walghahuun Waaqa wajjiin haasa'uuf walgahiiwwan sagantaa waaqeffannaa kan adeemsisan kumaatamawwanitti baayyachuu isaanii beekuu keenyan gammachuu gaddaa nu gonfachiisaa. Manni Haqa waliigala-Addunyaay yoo barreessu:

“Walga’hiwwan waaqeffannaa lubbuun kamiyyuu seentee, urgaan’wwan samii kan itti urgeeffattu, mi’ayina kadhaa kan itti dhadhamattu, Jecha Uumaa irrattis kan itti xiinxaltu, koolawwan afuuratiin kan itti geejjiba mtuu fi Jaalatamaa ishee wajjiin waqitilee itti haasa’uu dandeessu dha. Keessattuu yeroowwan haasaawwan afuura ol aanutiin uumamaan adeemsi famuu kanatti fi achumaanis ‘magaalli onnee namaa’ kan itti banaman, miirriwwan goshummaati fi kaayyoon gamtaa ni burqu.”²²

Miira kadhaatif keessi keenya yoo nu ka’ka’u, sammuu keenya wanta addunyaay kanaatirraa haquuf yeroo muraasaf callisuun ni turraa. Kadhaa godhaa yoo jirru, yaada wwan keenya Waaqa irratti xiyyeefannaa goona. Kadhaawwan erga gooneen booda,

yeroo muraasaf callisuun turuu fi gara gocha biraatti ariifannaadhan socho'uun nu'rra hin jiru. Walga'hiiwan keessattis kadhaawwan namoota birootiin yoo dhihaa tan haaluma walfakkaatuun dhageeffachuuun barbaachiisaa dha. Yeroowwan akkanaa kanniin akkuma nuti isaan jechaa jirruu sanitti, haala kadhummaa itti ni fufinna akkasu mas jechootas dhiheenyatti ni hordofanna.

1. Waraabbilee Waaqaa yoo dubbisinu afuura bifaa akkamiitit walwajjiin walga'huu qabna? _____

2. Jechoota Waaqaa dubbisuuf walwajjiin walga'huun bu'aa maal qaba? _____

3. Walga'hiiwan waaqeffannaa lubbuun kamiyyuu
_____,
_____,
_____,
_____,
_____. fi
4. Walga'hiiwan waaqeffannaa irratti miirawan akkamiiitu burqa? _____

5. Walga'hiiwan waaqeffannaa irratti bu'aan haasaawan afuuraa ol aanan uumamaan adeemsifaman maali dha? _____

6. Kophaanis ta'ee walga'hii keessatti kadhannaaf yoo walgeenyu waa'ee haala kabajummaa nuti agarsiisuun nu'rra jiru jechoota muraasa barreessaa.

BOQOONNA 11

Kutaa duraa kan kitaaba kanaa keessatti barmaata guyyaa guyyaadhan Barree ffamoota Qulqulluu keessaan dubbifamoota dubbisuu irratti fi xiinxalummaa hiikkalee isaaniit'rratti xiyyeeffateeraa. Asitti faayida kadhaa irratti xiinxaltaniirtuu, bu'aa isaatinis guyyaa guyyaan barmaata kadhachuudhaa cimsataniirtuu. Boqonnaan duraa barbaachisummaa waaqeffannaa gara xiyyeeffannaa keessaniitti fideeraa.

Yoo barbaaddan hanga ammaatti kan qu'attan hunduu, karaa tajaajilaa irratti gocha duraa raawwachuuuf isin qopheesseeraa: affeerummaa walgeettii waaqeffanna.

Akka ka'umsaatti, kadhaawan hedduu qoma keessaniin qu'achuudha fi jaalatamtoota muraasaaf qooduuf carraa argachuudhaa kan barbaaddu ta'a. Achu maanis wal-cinaan hawaasa keessan keessatti yoo xiqlaate walgeettii waaqeffa nnaa tokko irratti hirmaachudhan deggartoota kutattoota gidduudhaa tokko ta'uun keessan mirkaneessuu ni dandeessu. Boodas adeemsan jaalatamtoota keessan, miseensota maatii keessanii, ollaawan keessan idileen goshummaa fi kadhaadhaf walga'huuf affeeroon ofuma keessaniin walgeettii waaqeffanna affeeraa ta'uuf murteessuu ni dandeessu. Hirmaatonni koorsii kanaa lama ykn sadii walwajjiin walgeettii waaqeffanna akkana jiru jalqabuun kan hin barataminnee miti.

Tilmaamu akkuma dandeessanitti, walgeettiin waaqeffanna akkamitti akka qophaa'u foormulaa homaatuu hin qabu. Garuu ifatti hundinuu haala afuurummaa beekamee keessatti jaalatamtooni kadhaawan kan dhiheessan, dubbifamoonni Barreeffamoota Qulqulluu irraa kan itti dubbifaman, akkasumas walga'hi haasaawan dadamaqisaan itti adeemsifamanii dha. Walgeettii waaqeffanna galumsa affeeroon mmaatii, yaadawan itti aananiif jechoota muraasa jechuu ni dandeessuu?

Affeeraa oo'aa fi jaalalaan guuttame dabarsuu:

Naannoo simataa uumuu:

Naannoo waaqeffanna eeguu/sirreessuu:

Goshummaa gammachuun guddisuudhan:

Haasaawan dammaqina afuuraa fidu jajjabeessuu:

Madda waraabbiileen irraa fudhataman

1. Giliiniings, Barreffamtoota Baha'u'llah irraa, (Wilmette: 'Trust' Maxxansaa Baha'i, 1983,2017), lakk. Keyyata 3., fuula 105.
2. Baha'u'llah, 'Trustworthiness'irraa: Barreffamoota Baha'u'llah irraa baafamanii kan Qindeefaman, Kutaa Qoranna Mana Haqa Waliigala-Addunyaatin kan qindeeffaman (London: 'Trust' Maxxansaa Baha'i,1987), lakk. 21, fuula 5.
3. Waamicha Jaalatamaa Afuraa, filatamaa Hojilee Icitii Afuraa kan Baha'u'llah (Hayifaa: Giddu Galeessa Addunyaa Baha'i, 2018), lakk.2.43, fuula 31.
4. Haasaa Caamsaa 5, 1912 A.L.A. tti kenname, Labsii Nagaa Addunyaa keessatti kan maxxanfame: Bara 1912 daawwannaa Isaa kan yeroo Yunaayitid Steeti fi Kanaadaa Haasawan Abdul-Baha tin kennaman, (Wilmette: 'Trust' Maxxansaa Baha'i, 2012),fuula 127.
5. Baha'u'llah, Jechoota Dhokfaman (Wilmette: 'Trust' Maxxansaa Baha'i, 2003, 2012 kan maxxanfame), Arabiffa lakk. 13, fuula 6-7.
6. Xalaya maqaa Shoghi Effendiitin, Mudee, 8, 1935 A.L.A. barreffame irraa, kadhaa fi jiruuwaqeffannaa keessatti kan maxxanfame: Qindeeffama Barreffamoota Baha'u'llah, Babi fi Abdul-Baha irraa akkasumas xalayaawwan Shoghi Effendi fi Mana Haqa Waliigala-Addunyaa irraa, Kutaa Qorrannoo Mana Haqa Waliigala- Addunyaatin kan qindeeffame (Wilmette: 'Trust' Maxxansaa Baha'i, 2019), lakk. 71, fuula 31.
7. Jechoota Abdul-Baha, J.E.Esslemont, Baha'u'llah fi Bara Haaraa keessatti kan eerrame: seensa Amantii Baha'i (Wilmette: 'Trust' Maxxansaa Baha'i, 2006, 2017), fuula 106.
8. Kitaaba asii olitti kenname irraa.
9. Baha'u'llah, kadhaawwan Baha'i keessaa, Baha'u'llah, Babi fi Abdul-Baha n kadhaawwan ibsamann irraa kan filatame (Wilmette:'Trust' Maxxansa Baha'i, maxxansaa 2002, 2017), fuula 7-8.
10. Kitaaba asii olitti kenname irraa, fuula 9.
11. Jechoota Abdul-Baha, 'Star of the West' keessatti kan eerrame, Jildii 8, lakk.4, (Caamsaa 17, 1917, A.L.A. fuula 41.)
12. Giliiniings, Barreffamtoota Baha'u'llah irraa, lakk. 136, keyyata 2, fuula 334; dabala teetis kadhaawwan Baha'i keessaa, fuula 3.
13. Baha'u'llah, kadhaawwan Baha'i keessaa, fuula 8-9.
14. Kitaaba asii olitti kenname irraa, fuula 12.
15. Abdul-Baha, Kadhaa fi Jiruu Waaqeffannaa (keessatti kan maxxanfame), lakk. 24, fuula 7.
16. Haasaa Hagayya 1912, A.L.A. tti kenname irraa, Labsii Nagaa Addunyaa keessatti kan maxxanfame:1912 Abdul-Baha Uunaayitid Steeti fi Kaanaada yoo Daawwatu Haasaa wwan Inni dubbate, fuula 345.
17. Barreffamoota Qulqulluu Baha'i keessaa kan filataman (Wilmette:'Trust' Maxxansaa Baha'i, 2010,2015), lakk.22.1, fuula 75-76.

18. Xalayaa maqaa Shoghi Effendiitin, Amajjii, 10, 1936 A.L.A. barreeffame irraa, kadhaa fi jiruu waqaaffanna keessatti kan maxxanfame: lakk. 61, fuula 25.
19. Xalayaa maqaa Shoghi Effendiitin, Amajjii, 10, 1936 A.L.A. barreeffame irraa, kadhaawwan Baha'i keessatti kan eerrame, fuula 301.
20. Baha'ullah, kadhaawwan Baha'i keessaa, fuula 4.
21. Baha'ullah, Kadhaa fi Jiruu Waqaaffanna (keessatti kan maxxanfame), lakk. 68, fuula 29.
22. Ergaa Muddee, 29, 2015, irraa, A.L.A. caasaa gochaa keessatti kan maxxanfame: ergaawwan filatamani kan Mana Haqa Walii gala- Addunyaati fi barreeffamoota dabatalaa, 2006-2016 West Palm Beach: Palabra Publications, 2017), lakk.35.49, fuula 232.



Jiruu fi Du'a

Kaayyoo

Jiruun jijiirramawwani fi hireewan addunyaa kanaa qofa
ofkeessaa akka hin qabine irra caalatti hiikkaa isaa sirrii
kan gonfatu guddina lubbuu keessatti
ta'uu isaa qalbeefachuuf.

BOQONNAA 1

Lubbuun namaa qaama addunyaati fi wantootaa ol kan taate dha. Abdul-Baha haasaa Isaa tokko keessatti yoo ibsu:

“Qaamileen wantootaa kunniiñ atamoota irraa kan ijaarramanii dha; atamoonni kunniiñ addaan bahuu yoo eegalan diiggaminatu jalqaba, achiinis du’ a jennee kan waaminutu dhufa...”

“Akkaataa lubbuutiin kun adda kan ta’ee dha. Lubbuun makamina wahiyoo/element/ miti, isheen elementoota hedduu irraa kan ijaarramtee miti, kan hin hiramineedha kanaafuu kan abadiiti dha. Sirna qaama uu mamummaat’rraa guutuma guutuun adda kan taate dha; isheen kan abadummaati dha.”¹

1. “Ijaarrame” jechuun maal jechuu dha? _____

2. Lubbuun namaa akkuma qaamilee wantaatitti elementoota addaat’rraa kan ijaarramanii dha moo? _____
3. Lubbuun namaa wanta qaamati moo? _____

BOQONNAA 2

Xalayaan Guddisaa baka bu’uudhan barreeffame “lubbuun namaa gara jiraachu mmaatti kan dhuftu yeroo micireeti”² jechuun ni ibsa. Waa’ee hiikkaa “miciree” gaaffii dhihaateef Manni Haqaa Addunyaay deebii yoo kennu:

“Miciree” jedhamee kan ibsame san battala luubbuu-qabeeyyuummaa /‘biological’ ti fi taatee uumamaa sirriitti kan ibsu Barreeffamoota Qulqulluu Baha’i irraa homaa hin argamine. Karaa wal’aansummaatiinis taanan ittiin fayyadamummaan jechichaa sirrii kan hin taane ta’ee muldhata. Dhugumaanuu, qalbeffaanna tokkoffaan micireedhaa walga heenya firiwwan sanyii wajjiin waliin deema; kan biraam immoo jalqaba ulfaa kan walghummaa firiwwan sanyii hordofuudhan gidaaraa gadamee ssaa irratti maxanuu yoo eegalee dha. Kanaafuu yeroo lubbuun qaama wajjiin walitti dhuufeensa uumtu beekuuf kan hin danda’amne ta’aa, gaaffiileen akkanaa kunniinis iccitiwwan addunyaa afuurummaati fi uumama luubbuu wajjiin waan walqabatuuf yaadummaa fi qorannaa namaatiin kan hin hiikkamine ta’uu ni danda’aa.”³

1. Lubbuun namaa gara jiraachummaatti kan dhuftu yoomi dha? _____

2. "Miciree" jechi jedhu battala sirrii lubbuu-qabeeyyummaa/'biological'ni ibsaa? _____

BOQONNAA 3

Wal-qabannaan nafaa fi lubbuu giduu jiru kan qaamaatii miti; luubbuun gara nafaa hin seentu ykn hin baatu akkasumas iddo qamaa hin qabattu. Wal-qabannaan isheen nafa wajjiin qabdu daawwitii ifa calaqisiisuun wajjiin walfakkaata. Ifinni daawwitii keessatti muldhata daawwiticha keessaa miti. Walfakkaatummaadhan lubbuun nafa keessaa miti. Abdul-Baha akkanatti nutti agarsiisa:

"Lubbuun madaaltuun,ykn afuurri namaa, nafa kana keessatti buutee hin jiraattu jchuunis isheen keessa hin seentu;bu'uuni fi seenuun amaloota qaamilee yoo ta'an, lubbuun madaaltuun kanaa ol kan eebbifa mitee dha. Jalqabumaa lubbuun gara nafa kanaatti homaa hin seenne, yeroo dhiiftus teessoo biraa hin barbaaddu. Kanumarrasi wal-qabannaan afuurri qaa ma wajjiin qabu akkuma wal-qabanna daawwitiin ifa kana wajjiin qabuuti dha. Daawwitichi haxa'aamee hanqina yoo hin qabbaanne, ifinni faano siidhaa achi keessatti muldhata, daawwitichi yoo cabe ykn dhukkee dhan yoo uwifame, ifichi dhokatee ni hafa."⁴

1. Bakkawan duwwaalee himootaa asii gadi jiran irratti guutaa.
 - a. Lubbuun madaaltuun,ykn _____ nafa kana keessatti buutee hin jiraattu jchuunis isheen keessa _____.
 - b. _____,ykn afuurri namaa, nafa kana keessatti buutee hin jiraattu jchuunis isheen keessa hin seentu;bu'uuni fi seenuun _____ yoo ta'an, lubbuun madaaltuun _____.
 - c. Jalqabumaa lubbuun gara _____ kanaatti _____, yeroo dhiiftus _____ hin barbaaddu.
 - d. Wal-qabannaan afuurri qama wajjiin qabu akkuma wal-qabanna _____ qabuuti dha.
 - e. Daawwitichi haxa'aamee hanqina yoo hin qabbaanne, _____ achi keessatti muldhata.
 - f. Daawwitichi yoo cabe ykn dhukkeedhan yoo uwifame, _____.
2. Hanga ammaatti kan qu'anne'rratti hundaa'udhaan, kan itti aanan dhugaa ta'uu isaanii murteessaa:
_____ Lubbuun addunyaa qaamaatirraahii miti.

- _____ Lubbuun nafa keessa dha.
 _____ Qaaminni abbaa lubbuuti dha.
 _____ Lubbuun addunyaayaa foonitii olirra kan caalte dhaa.
 _____ Lubbuun hin duutu.
 _____ Dhuunfaan tokko jalqaba isaa ykn ishee kan ta'u lubbuun ofii ishee
 miciree wajjiin yoo of qabsiiste dha.
 _____ Jiruun kan jalqabu dhuunfaan gara addunyaayaa kanaatti yoo dhalatee
 dha.
 _____ Jiruun qaamaa kan dhuunfaa du'aan booda itti fufa.
 _____ jiruun wantoota guyyuma guyyaadhaan nuqunnaamu dabalata.

3. Lubbuu fi qaama namaa gidduutti walitti dhufeenyaa jiru ibsuuf fakkii ifaati fi
 daawwitiidhan fayyadamaa:
-
-
-
-
-
-

BOQONNAA 4

Waliin dhala namaa kan bu'uran, lubbuu fi qaama gidduu walqunnamtii baa'yee addaatitu jira. Walqunnamitiin kun kan itti fufu umrii jruu du'aadhaa sanii qofaa dha. Walqabannaan isaan gidduu jiru yoo dhaabbatu, tokkoon tokkoonuu gara ka'umsaatitti deebi'a - qaaminni gara addunyaayaa biyyee, lubbuun immoo guddina ishee gara itti fuftu gara addunyaawwan afuurummaa Waaqaatitti. Abdul- Baha yoo ibsu:

“Afuurri namaa jalqaba yoo qabaatu dhuma garuu hin qabu: abadiidhaf jiraata.”⁵

Haasaawwan Isaa tokko keessattis, yoo ibsuu:

“Afuurri qaama hin barbaadu, garuu qaama afuura ni barbaachisa, yookiin jiraachuu hin daanda'u. Lubbuun qaama malee jiraachuu ni dandeessi, garuu qaaminni lubbuu malee ni du'a.”⁶

Guddisaanis yoo ibsu:

“Lubbuu namaa ilaalchisee: akkaataa Barnoota Baha'i tiin lubbuun namaa uumamina miciree namaatiin jalqaba, qaama'rraa erga addaan baatee guddinummaa fi sadarkaalee jiruu dhumina hin qabine keessa darbuu isheetis ittuma fufti. Kanaafuu guddinni ishee kan abadiiti dha.”⁷

1. Waraabbilee asii ol jiran yaadanoo keessa galchuudhan gaaffiilee itti aanan deebi'saa:
 - a. Qaama lubbuu ni barbaachisaa? _____
 - b. Lubbuu qaama ni barbaachisaa? _____
 - c. Yoo duunu walqunnamitii qaama fi lubbuu gidduu jiru irratti maaltu uumama? _____
 - d. Du'aan booda lubbuu irratti maaltu uumama? _____
 - e. Guddinni lubbuu yeroo hagamiitif tura? _____
 - f. Jiruun yoom dhuma? _____
2. Kan asii gadi jiran keessaa kamfaatu boqonnaalee kanniin qu'anne wajjiin kan deeman akka ta'e murteessaa:
_____ Duuti adabbii dha.
_____ Walqunnamitiin qaama fi lubbuu gidduu jiru kan itti fufu umrii jruu du'adhaa sanii qofaa dha.
_____ Qaaminni abadiidhaa guddachuu ni danda'a.
_____ Lubbun abadiidhaaf guddatti.
_____ Duutii dhuma jiruuti dha.
_____ Qaamileen keenya du'aa yoo ka'an guyyaa murtummaati ta'a.
_____ Yeroo du'aa, lubbuun kan duraanitirra bilisummaa fooyya'e qabaati.
_____ Jiruun du'aan raawwata.
_____ Du'a sodaachutu nu'rра jira.
_____ Nyaanni, huccuuni, boqonnaani fi bashannani lubbuuf barbaachisoota dha.
_____ Qaaminni humna ishee waan ittiin fayyadamuufuu lubbuun dadhab duu taati.
_____ Lubbuun dhukkubbii qaamatiin ykn dadhabbiin dhiibbaan ishee'rра hin ga'hu.
_____ Dhalli namaa du'aan boodas fedhii wantootaa ni qabaata.

BOQONNAA 5

Lubbuun akkuma wantoota qaamatti iddo qamaa akka hin qabanee fi akkaataa seera uumamaatiin akka hin sochoone agaree jirra. Lubbuun dhiibbaan ishee addunyaa keessatti kan uumtu karaa qaamatini dha, garuu kuni karaan lubbuun humna isheedhaa ittiin ibistu kanuma qofaa miti. Baha'u'llah n akkanatti ibsa:

“Ani dhugumaanan Jedha, lubbuun namaa bahummaa fi seenummaa hunda ol kan taate dha. Isheen kan tasgabbootfe dha, ta’us ni balaliiti, isheen ni sochooti, ta’us kan tasgabbootfe dha.”⁸

Abdul-Baha nis akkanatti nutti hima:

“Dhiibbani fi hubannaan afuura namaa akaakuu lama akka ta’e beeki; jechuunis, afuurri namaa itti dhihaannaa hubannaati fi gochummaa lama qaba. Itti dhihaannan tokkooffaan karaa meeshalee qaamaati fi kutaalee nafaatinii dha. Kanaafuu ijaan ni arga, gurraan ni dhaga’aa, arrabaan ni dubbata. …

“Itti dhihaannan dhiibbaa fi gocha afuuraa kan biraan meeshalee qaamaa kanniiniti fi kutaalee nafaa malee dha.”⁹

1. Bakkawan duwwaalee himootaa asii gadi jiran irratti guutaa.
 - a. Lubbuun namaa _____ fi _____ hundaa ol kan taate dha.
 - b. _____ dha, ta’us _____ ti,
 - c. _____ ti, ta’us _____ dha.
2. Addunyaa kana keessatti hubanna lubbuun qabduu fi dhiibbaan isheen uumtu karaawwan lama ibsa:

3. Fakkeenyawwan dhiibbaa fi gocha lubbuu kan meeshalee qaamaa malee isheen uumtu kennuu ni dandeessuu?

BOQONNAA 6

Amma ka’umsa mari’annaa boqonnaalee darbaniitiin, dubbifama itti aanu Barreeffamoota Qulqulluu Baha’i t’rraa dubbisaa:

“Lubbuun namaa dadhabpii qaamaa ykn sammuutii ol kan taate dha, Akkasumas bilisa kan taate ta’uu ishee beeki. Naminni dhukubsate malla ttoowwan dadhabbiinaa kan agarsiisu sababa gufoonni lubbuu fi qaama isaa gidduu seenaniifi dha, haalli ofummaa lubbuu garuu dhibee ykn dhukkubbii qaamaa kamiinuu osoo hin jijiirramini jiraata. Ifa faanosii yaada. Hagamillee wanti alaa calaqisa isaa yoo dhoksu, ofumaanuu ifichi garuu humna hin hirranneen calaqisuu isaa ittuma fufa. Haaluma fakkaa

tuun, qaama namaan kan miidhu dhibeen tokkoon tokkoonituu dandeetti fi humna uumamummaa lubbuudhaa akka hin ibsine sakkaallaa ittisuu dha. Ta'us, qaamaa irraa yeroo addaan baatu, huminni lafa irratti argamu homaa haala ittiin hin qixxaaneen ol aantummaa ol aanaa ni agarsiisti; dhiibbaa ishee kan addaatis ni ibsiti. Lubbuun qulqulluun tokkoon tokkoo nituu, miirramtuun tokkoon tokkoonitii fi kan eebbfamte humna guddaa ni gonfatti; gammachuu ol aanadhaanis ni buraaqiti.”¹⁰

1. Luubbuu dhiibbaan qaamaati fi sammuudhaa osoo irra hin gahini akkamiin akka jiraattu, akkasumas qaama irraa yoo addaan baatu maaltu ifa akka ta'u jechoota keessaniin ibsaa. _____

2. Du'a nafawwan qaama keenyaatiin booda eenyummaa keenya eeginnee itti ni fufinaa? _____

BOQONNAA 7

Baha'u'llahn akkana jedha:

“Amma immoo waa'ee lubbuu namaati fi du'aan booda jirenyaan itti fufummaa ishee ilaalcha gaaffii keetii. Lubbuun qaama irraa erga adda baateen booda, Uumaa ishee bira hanga geessutti, jijiirraminni haalatii fi akkaataan akkasumas jijiirraminni fi hireen addunyaa kanaa, kan baraati fi kan jaarrawwan hundaatuu haala ishee osoo hin jijiirre guddina isheeakkuma itti fuftu ta'u isaa dhugumaan beeki. Mootu mmaan Waaqaa, birmadummaan Isaa, bittummaani fi angoon Isaa hanga jirutti jiraatti. Fakkiiwani fi amaloota Waaqaa ni ibsiti, jaala laan kan guuttame gaarummaa fi arjummaa Isaatis ni muil' dhifti.”¹¹

1. Du'a qaamatiin booda lubbuun guddina ishee kan itti fuftu yeroo hagamiitif?

2. Lubbuun adeemsa abadii gara dhihaanna Waaqaatti gootu kan itti fuftu haala akkaamii keessa dha?

3. Lubbuun haala saniin mallattoowwani fi amaloota gaarii tokko tokko kan ibsitu maalfaa dha?

-
-
4. Hanga ammaatti kan qu'anne irratti hundaa'udhaan, kan itti aanan dhugaa ta'uu isaanii murteessaa:

Mootummaan Waaqaa abadiidhaf jiraata.
Lubbuun amaloota Waaqaa ibsuuf dandeettii qabdi.
Du'aan addunyaa kana irraa kan darbaniif kadhaan nuti goonu
guddina lubbuuwwan isaanitiif bu'aa hin godhu.
Lubbuun jiraachummaa ishee homaa hin dhaabidu.

BOQONNAA 8

Baha'u'llah ni akkanatti labsa:

**"Dhaga'haan gurra tokkoon tokkoonituu, qulqullummaadhani fi akka
taa hin xuroofneen yoo eeggame, yeroowwan maraa fi kallattii gara
hundaatinuu, kuunniin, 'dhugumaanuu, nuti kan Waaqati, gara Isaattis ni
deebiinnaa.' Kan jedhan sagalee jechoota qulqulluuwwan dubbatu san akka
dhaga'hu beeki. Iccitiwwan du'a qaama namaati fi deebi'umu'mmaan
isaa hin ibsamnee, ammallee ifa hin godhamne....**

**"Duutii amanaa tokkoon tokkoon shakkii hin qabneefuu dhugumaanuu
xoofoo jireenyaa kan ta'e san ni kenna. Gammachuu ni qooda, gammadu
mmaas ni fida. Kenna jiruu abadiitis ni gonfachiisa.**

**"Waa'ee isaanii, ulfinni Isaa ol haajedhuu, Waaqa dhugaa tokkicha
beekuu kan ta'e, warri firii jiruu dachee namaa keessaa dha'dhamatan
suni immoo, akkaataa jiruu isaanii kan du'aan booda jiru Nuti ibsuu kan
dandeenyuu miti. Beekumsi achii Waaqa, Gooftaa addunyaawwan hundaa
wojjiin qofaa dha."¹²**

**"Yaa Ilma Isaa Isa Hundaa Ol kan Ta'ee! Ani du'a ergamaa gammachuu
akka siif ta'u godheera. Waamaaliif gadditaa? Iftis ifiinsa isaa akka sitti
uwwisu godheera. Maaliif ofi achiraa golgita."¹³**

1. Himoota asii gadi jiran keessaa dhugaa kan ta'an kamfaa dha?
- Lubbuun dhala namaa Waaqa'rраa dhufti; gara Isaattis ni deebiti.
Jiruu du'aan boodaa ilaalchisee beekumsi hundinuu Waaqa wajjiinii
dha.
Amanaa shakkii hin qabineef, duuti jiruu dha.
Duuti gammaacchuu kan fiduu dha.
Iccitiwwan du'aa hundumaanuu beekkamaniiru.
Kennawwan jiruutif gatii kennuun nu'rра jira ta'us du'a sodaachuun
hin qabinu, duuti ergamaa gammachuu waan ta'eefi dha.
Jiruu du'aan booda jiru beekuun kan nu barbaachisuu miti.

2. Boqonnaalee hanga ammatti qu'anne yaadannoo keessa oolchuudhaan, keeyyata gabaabaa kan waa'ee jiruu, du'aa, qaamati fi lubbuudhaa barreessaa.

BOQONNAA 9

Abdul-Baha yoo ibsu:

“Naminni jiruu isaa kan jalqabaatti gara addunyaa kanaa tarkaaffachuuf kan isa dandeessisan dandeettiwwanii fi ga’humsa iddooyaa itti guddifate addunyaa gadameessaa keessa ture. Humnootiin addunyaa kanaafisa barbaachisan addunyaa achiitti isaan argate. Addunyaa kana keessatti ijawwan isa barbaachisan;addunyaa gadameessaa keessatti isaan argate. Addunyaa kanatti gurrawwan isa barbaachisan, achi osuma jiruu isaan argate. Humnoota addunyaa kana keessatti isa barbaachisan hundaa addunyaa gadameessaa keessa osuma jiruu isaaaf kennaman. Addunyaa achititti addunyaa kanaaf qophaa’aa ta’e, gara addunyaa kanaattis yoo seenu humnoota isa barbaachisan hundaa akka qabuu fi kutaalee qaamaa jiruu kanaaf barbaachisaa kan ta’an hundaa addunyaa achiitti akka argate daawwate. Kanaafuu addunyaa kanattis addunyaa itti aanuuf qophaa’uutu isa’rra jiraata.Addunyaa Mootummaa Waaqaa keessatti kan barbaachisu asuma osoo jiruu argachuu fi qophaa’uu qaba. Addunyaa kanaaf humnoota barbaachisaa ta’an addunyaa gadameessaa keessa osuma jiruu akkauma argate hunda, haluma walfakkaatuun Mootummaa samii addunyaatti kan isa barbaachisan, jchuunis humnoota afuuraa addunyaa kanatti argachuutu isa’rra jira.”¹⁴

1. Kan itti aanan dhugaa ta'uu ykn ta'uu dhabuu isaanii murteessaa:

Humnootiin addunyaa kanaaf barbaachisan hundinuu kan argaman

- addunyaa gadameessaa keessatti dha.
_____ Jiruu dddunyaa itti aanuutiif of qopheessuun barbaachisaa miti.
_____ Addunyaa Mootumma samiititti kan barbaadinu argachuu kan
qabiu achumati dha.
_____ Kaayyoon jiruu achiidhaa addunyaa itti aanuuf humnoota
barbaachisan gonfachuufi dha.
_____ Jiruun dhugaa kan eegalu naminni tokko du'ee gara Mootummaa
afuuraa yoo deeme dha.
2. Dhalli namaa addunyaa gadameessaa keessatti kan argatu dandeettiwwan
muraasinni maalfaa dha? _____

3. Jiruu du'aan booda jiruuf keenniwwan muraasinni asumatti argamu qaban
maalfaa dha? _____

BOQONNAA 10

Baha'u'llah ni akkanatti labsa:

"Guyyaa kana gochii guutuu namaadhaa isa ga'hee lolaa badhaadhaa kan Waaqinni dhangalaasisuuf san argachuuf ga'huu dha. Kanaafuu, eenyu yyuu waa'ee fudhannaa guddinummaa yookiin xiqqummaadhaa hin yaadiin. Ga'heen tokkoon tokkoonii hammaarraa ganaa tokkoo ta'uu ni danda'a, ga'heen kaawwaniidhaa guutuu finjaala tokkoo ti dha, kan birootaa immoo gaaloonii tokkollee ta'uu ni danda'a."¹⁵

1. Waraabbilee asii ol jiru irratti hundaa'udhaan, gaaffiilee itti aanan deebisaa:
- Guyyaa kana gochii dhuunfaa tokkoon tokkoonidhaa maali dha? _____

 - Waaqaa irraa kan fudhattan kenniwwan muraasinni maal maalfaa dha? _____

 - Waraabbilee asii olii keessatti "fudhannaa" jechi jedhu maal agarsiisa? _____

- d. Dandeettii nuuf arjoommamee waa'ee "guddinummaa ykn "xiqqummaa" tilmaama keessa galchuun kan nu'rра hin jirre maaliif ?

- e. Ga'hee keenya kan badhaadhaa Waaqaa fudhachuu irraa kan nu ittisan wantoonni muraasinni maalfaa dha?

2. Kan itti aanan keessaa kamfaatu dhugaa dha?

_____ "Guddinummaan" ykn "xiqqummaan" dandeettii keenyaa hagam ga'haa cimaa akka taane agarsiisa.

_____ Waaqa tajaajiluuf, dadhabpii keenya daganee amantaa keenya hunda Isa irra godhuu qabina.

_____ Dandeettiwan Waaqinni nuuf arjoome addunyaa kanatti yoo hin cimsine, addunyaa itti aanu keessa yoo geenyu lubbuun keenya dadhabidduu taati.

BOQONNAA 11

Baha'u'llah ni akkanatti ibsa:

"Uummama lubbuu ilalichisee gaaffii na'gaafatteerta. Dhugumaanuu, lubbuu dhugummaa ishee namoonni barumsaan baay'ee ol aanaan ishee qalbeeffachuuf kan dadhaban, iccitii isheetis sammuun homaa, hagamillee qalbeeffataa ta'us, hiikuuf abdii godhuudhaa homaa kan hin dandeenye, mallattoo Waaqaa, albuuda mootummaa samii akka taa'te beeki. Wontoota uumamanis gidduudhaa guutummaa Waaqaa labsuuf, ulfina Isaa beektee fudhachuuf, dhugaa irratis maxxanuuf, sagaduudhanis fuula Isaa duratti jilbiifachuuf kan duraati dha."¹⁶

1. Bakkawan duwwaalee himmotaa asii gadi jiran irratti guutaa:

a. Lubbuun _____ Waaqati dha.

b. lubbuu _____ namoonni barumsaan baay'ee ol aanaan ishii qalbeeffachuuf kan dadhaban, _____ sammuun homaa, hagamillee qalbeeffataa ta'us, _____ abdii godhuudhaa homaa kan hin dandeenye, mallattoo Waaqaa, albuuda _____ ta'uu ishee beeki.

- c. Lubbuun _____ labsuuf _____ ti dha.
- d. Lubbuun ulfina Waaqaa _____ ti dha.
- e. Lubbuun dhugaa Waaqaa irratti _____ ti dha.
- f. Lubbuun Waaqaa sagaduudhaa fuula Isaa duratti _____ ti dha.
2. Asii gadi kan jiran gidduudhaa dhugaa kan ta'an kamfaa dha?
- _____ "Hiikuu" jechuun addaan baasuu jechuudha.
- _____ Wantoota uumaman hundaa gidduudhaa Waaqa qalbeeffachuuf kan duraa sammuu namaati dha.
- _____ "Qalbeeffataa" jechuun qaroo jechuudha.
- _____ Naminni barate iccitii lubbuu ni qalbeeffata.
- _____ Guutummaa Waaqaa falaasamoota gurgurdo qofatu ibsuuf danda'a.
- _____ Qalbeeffachuuf homaa waan hin dandeenyef waa'ee lubbuu yaaduun barbaachisaa miti.

BOQONNAA 12

Baha'u'llah ni akkanatti labsa:

"Isin akkuma humna guutuu koolawwan jabaa isheetiin, hanqina malee fi onnee guutuu gammachuun guuttameen, samiiwwan bal'dhaa keessa barari'aa kan turtee fi, booda'rра bee'la shee ba'huuf gara lafa gadii kan biyyeeni fi bishaan itti argamutti si'aan deebitee, hawwii saaphanaatiin xaxamtee, gara addunyaawwan dhufteetitti deebitee bararii ishee jalqa buuf humna dhabeessa taatee akkuma simbira of agartee sanii dha. Hangasitti simbirri duraan samiiwwan jiraachaa turte sun, koolawwan ishee kan dhqoqa'ee san'rattti ba'aa fe'ame ofirraa hurgufuuf humna dhabeessa taatee amma biyyee irratti bakka jirenya ishee barbaaduuf dirqamteerti. Kanaafuu, yaa tajaajiloota Koo, beekumsa afuura Kootii kan samiiwwanii keessa bararuudhaf akka hin makaallamne, koolawwan keessan biyyee fincillummaatinii fi hawwiwwan badaadhan hin laaqinaa, dhukkee hinaaffati fi kan jibbaansatiiniis akka faallaa'uu isaan hin taa sisinaa."¹⁷

1. Himoota asii gadi jiran guutaa.
- Simbirri Baha'ullah ni waraabbii kana keessatti eeru _____ ti dha.
 - Simbirri tuni jiraattuu _____ ti dha.
 - Simbirri tuni koolliwwan ishee waan dhoqqaa'eefuu _____ bakka jirenya ishee barbaaduuf dirqamteerti.
2. Amma gaafiiwwan itti aanan deebi'saa:

a. "Koolliwwan" lubbuu akkamiin kan "dhoqqaa'aan" ta'u? _____

b. Akkuma "biyyee fi bishaan lafaa" koolawwan lubbuu irratti kan fe'aman ba'aawan muraasinni maalfaa dha? _____

c. Gara mootummaa samiiwwan afuuraatti ol bahuu irraa wantoonni nu ittisan maalfaa dha? _____

d. Lubbuun jirenya ishee kan mootummaa samiidhaa maaliif biyyee dachee kanaatiin jijiirti? _____

3. Himoota asii gadi jiran dhugaa ta'uu isaanii murteessaa:

_____ Hidhamummaan addunyaadhanii guddina afuura keenyaa ni gufa chiisa.

_____ Fincilummaan keenya fi hawwiin keenya kan gatii hin qabine beekkumsa mootummaa samiiwwan addunyaay keessa akka hin barariine nu dhoowwuu.

_____ Hinaaffanii fi jibaansii amaloota umamaa dhala namaa waan ta'aniif lubbuuf ba'aa hin ta'an.

_____ Wantoota addunyaay kana keessa of lakkisuudhan baldhina samiiww anii keessa akka hin barariine ba'aawan nu gufachiisan irraa bilisa of baasuu ni dandeenyaa.

_____ Jirenyi lubbuu addunyaay kana keessa dha.

BOQONNAA 13

Baha'u'llah ni akkana jedha:

"Addunyaay akkasumas ishee keessa kan jiraatanii fi kan socha'aan erga uumee booda, Inni, karaa gocha sirrummaa hin gufatamneeni fi Eeyyama birmadummaa Isaatiin, kan akka humna sochoosaa umaa hundaati fi akka dandeettii sababa kaayyoo duraatti fudhatamuun irra jiru, dandeetti fi ulfina addaa kan Isa beekuudhaati fi jaalachuudhaa nama irratti gonfa

chiisuuf filata.... Inni tokkoon tokkoonitti fi dhugummaa keessaa kan wanta uummame hunduma irrattuu maqaawwan Isaa gidduudhaa ifa tokkooti isarratti ibise, akkasumas amaloota Isaa keessaa fudhataa ulfina tokkooti isa taasise. Dhugummaa namaatirratti, garuu ifa maqaawwan Isaati fi amaloota Isaa hunda isa'rratti ibise, daawwiitii calaqisisaa Ofummaa Isaati isa taasise. Waan uummaman hundaa keessaa isa qofatu badhaadhina abadiiti fi arjummaa haala kanaatif filatame.”¹⁸

1. Bakka duwwoota asii gadi jiran irratti guutaa.
 - a. Waaqinni dandeetti fi ulfina addaa _____ nama irratti gonfachiisuuf filata.
 - b. Inni _____ fi dhugummaa keessa wanta uummame _____ irrattuu maqaawwan Isaa gidduudhaa ifa _____ isarratti ibise.
 - c. Dhugummaa dhala namaatirratti, garuu ifa _____ isa'rratti ibise, daawwiitii calaqisisaa _____ isa taasise.
2. Amma gaaffiwwan itti aanan deebisaa:
 - a. Amaloota Waaqaa muraasota ibsuu daandeessu? _____

 - b. Lubbuun nama calqisiisuuf kan dandeessu amaloota Waaqaa muraasinni maalfaa dha? _____

 - c. Amaloonni kunniin akkamiin ibsamuu danda'u? _____

 - d. Dhalli namaa kan filatame kenna addaa akkamii maalitiifi dha? _____

3. Asii gadi kan jiran keessaa kamfaatu dhugaa dha?

Dhalli namaa uumamtoota hafan gidduudhaa adda kan ta'ani miti.

Dandeettiin Waaqa beekuutii fi jaalachuudhaa human sochoosaa uumama hundaati fi sababa kaayyoo duraati dha.

Dhugummaan keessaa kan wantoota uumamanii hunduu amaloota Waaqaa gidduudhaa fudhataa tokkooti dha.

_____ Lubbuun namaa amaloota Waaqaa hundaa calaqisiisuuf ni dandeessi.

BOQONNAA 14

Baha'u'llah ni akkanatti nutti hima:

"Akkumaa laboobinni duungoo keessatti dhokatuu fi carallaan ifaatis bifa hin ibsamneen faanoosii keessa jiraachuun isaa akkuma beekamu san, Urjiin Guyyaa kan arjummaa afuuraati fi kan Burqaa qajeelcha mootu mmaa samii, dhugummaa ilmaan namaatti kan gonfise humnootiin kunnii nis, akkaataa hin ibsamneen nama keessatti dhokfamanii argamu. Ifinni aduu daawwiitii dhukkee fi xuriidhaan haguuggame jalatti dhokachuu akkuma danda'u san, Ifinni humnoota kanniinitis fedhiwwan addunyaa tiin dhokfamuu ni danda'a. Duungoos ta'ee faanoosiin, gargaarsi osoo hin godhamiiniif tattaaffii ofii isaanitiin ifuuf hin danda'an, akkasumas daa wwitiin dhukkee irraa of qulqulleessuuf isaaf hin danda'mu. Faanoo siin ibdaan hanga qabsiifamutti akkuma homaa ifuu hin dandeenye, daawwi tiinis dhukkeen isa'rraa yoo haqame malee bifa aduu mu'dhisuudha fi ifa ishee akkasumas gacheena ishee calaqisiisuuf homaa akka hin dandeenye ifaa fi kan mirkanaa'ee dha."¹⁹

1. "Akkaataa haala hin ibsamineen kan dhokate" jechuun maal jechuudha? _____

2. Lubbuu nama keessatti haala hin ibsamineen kan dhokatan humnoonni muraasinni maali dha? _____

3. Faanosii humna dhokataa maal qaba? _____

4. Daawwitiin humna dhokataa maal qaba? _____

5. Faanosichi ifa kennu akka danda'u maal godhuutu isin'rra jira? _____

6. Daawwitichi ifa calaqisiisuu akka danda'u maal godhuutu isin'rra jira? _____

7. Faanosichii fi daawwitichi humna isaanii dhokataa sanniin ofii isaanitiin ibsuu ni danda'uu? _____

8. Fakkeenyawwan lamaan kanniin haala lubbuu namaa wajjiin akkamiin firoom suu dandeenya? _____

9. Lubbuun namaa humna ishee dhokfamaa akka ibsitu kan dandeessisu eenyuu dha? _____

BOQONNAA 15

Baha'u'llah ni akkanti ibsa:

“Balballi beekumsa Jiraataa Duriidhaa yeroo maraa fuula namoota’rratti cufamaa ture, gara fuulduraattis abadiidhaf cufamaa ta'uun isaa ittuma fufa. Humni qalbeeffataa namaa eenyutuu gara teessoo qulqulluu Isaatti seenuuuf yeroo hundaa carraa argachuu hin danda'u. Haata'u malee, mallattoo kenna araara Isaati fi wabii arjummaa jaalala Isaatiif akka ta'uu, urjiilee Guyyaa qajeelcha afuurummaa Isaa, Mallattoota tokku mmaa afuurummaa Isaa namootaf ibseera; jiraatoota qulquuluwwan kanniinis beekuun, Isummaa Isaa beekuu wojjiin tokko akka ta'e ajajeera. Isa kan beeke Waaqa beekeera. Waamichaa isaanitis kan dhaggeeffate Sagalee Waaqaa dhaga'heera. Dhugummaa Mu'dhinna isaanitis kan rageesse, dhugummaa Isummaa Waaqaa rageesseera. Isaan irraa fuula kan deebisu, Waaqa irraa fuula deebiseera; isaanittis kan hin amannee, Waaqatti kan hin amanneedha. Tokkoon tokkoon isaanituu Karaa Waaqaa kan addunyaa kana addunyaa wwan ol aananiin wojjiin wol-qunnaamsiisu akkasumas mootu mmoota lafaati fi kan samiitti argamu tokkoon tokkoon namaatifuu, waaltessaa dhugaa Isaati dha. Isaan namoota gidduutti Mu'dhannoota Waaqaa, mirka neesota dhugaati fi mallattoota ulfina Isaati dha.”²⁰

1. Waraabbi asii olii yaadanoo keessa galchuudhan gaaffiwwan itti aanan deebisaa:
- a. Waaqa kallatiidhan beekuuf nuuf ni danda'amaa? _____
 - b. Egasuu, akkamiin Waaqa beekuu dandeenya? _____

 - c. Urjiilee Guyyaa qajeelchaa afuuraa muraasa eeruu ni dnadeessuu? _____

 - d. Sagalee Mu'dhatoota Waaqaa kan dhageeffatan sagalee eenyuuti dhageeffatan? _____

- e. Waamicha Mu'dhatoota Waaqaa yoo dagannu fuula keenya eenyu'rраа deebisaa jirra? _____
2. Himoota itti aanan guutaa.
- Balballi beekumsa Jiraataa Duriidhaa yeroo maraa _____ ure, gara fuulduraattis abadiidhaf _____ ta'uu isaa ittuma fufa.
 - Hubannaan namaa kan eenyutuu _____ seenuuf yeroo kamiyyuu carraa argachuu hin danda'u.
 - Waaqinni mallattoo _____ fi wabii _____ akka ta'uu Ergamtoota Isaa ergeera.
 - Beekumsi Mu'dhatoota Waaqaa _____ Wajjiin akkaakuu tokooti dha.
 - Isaan kan beeke _____.
 - Waamichaa isaanitis kan dhageeffate _____.
 - Tokkoon tokkoon isaanituu Karaa Waaqaa _____

3. Itti aananii kan jiran keessaa dhugaa kan ta'an kamfaa dha?
- _____ Afuuran guddachuu kan dandeenu tattaaffii keenya qafaani dha.
_____ Waaqinni sammuu nuuf keennee jira, guddina keenyafis ga'haa dha.
_____ Mu'dhataa Waaqaa beekudhaan afuuran ni guddanna kanaafuu tattaaffii dabalataa godhuun nu'rра hin jiru.
_____ Waaqa kallatiidhan beekuu ni dandeinya.
_____ Dalli nاماа akkuma waqqaa ta'uu ni danda'a.
_____ Waaqinni qalbeeffannaа namaatii ol kan aanedha.
_____ Jechoota Mu'dhannaа Waaqaa yoo dhageeffanne, sagalee Waaqaa dhageeffachuuти jira.

BOQONNAA 16

Baha'u'llah ni akkanati labsa:

"Kaayyoo guddaan Ergamtooni fi Nabiyyooni Waaqaa itti ergamanif dhala nاماа gara karaa dhugaa sirriitti qajeelchuufii dha. Naanna'umm aan kaayyoo mu'dhina Isaanii, namoonni hundinuu sa'atii du'ummaa

isaanii, qulqullummaa fi eebbummaa ol aanuun akkasumas gadhiiffu mmaa baay'ee gaddaatiin gara teessoo Baay'ee Ol Aanattu bahuu akka danda'an barsiisufii dha.”²¹

Inni dubbfama iddoo biraattisakkana jedha:

“Naminni uumama kenna ol aanaa ta'e kan qabuu dha. Haata'u malee barnoota ga'haa argachuu dhabuun isaa, dandeettii uumamaan jiru san irraa isa ittiseera. Jecha afaan Waaqatii bahe tokkoon gara jireenyatti waamame; jecha dabalata tokkootiin Burqaa barumsaa isaa gara beekutti qajeelfame: jecha biraa tokkootiin immoo sadarkaani fi hireen isaa kabaja man. Jiraatan Guddaanakkana jedha: Namaakkuma bakka albuuda gatiin isaa tilmaamaa ol ta'e jomoroowwan cimee jiruu tokkootti isa lakkaa'aa. Qabeenya isaa akka ibsu kan isa dandeessisu, sanyii dhala namaatis achi'rraa ittiin fayyadamuuf kan isa dandeessisu barnoota qofaa dha. Naminni kamiyyuu samii Eeyyama qulqulluu Waaqat'rroa kan ergaman Kitaabilee Qulqulloonni kan ibsan sanniin osoo xiinxalee, kaayyoonaanii namoonni hundinuuakkuma lubbuu tokkootti akka laka'aaman godhuuf, kanaanis ‘Mootummaan kan Waaqaa ni ta'a’; jechoonni jedhan kan qabate chappaan onnee tokkoon tokkoon irrattuu akka maxxanfamuu fi, eebbi Afuurummaa, ifinni araarati fi badhaadhi naa dhala namaa hundaa akka uwwiisu, kaayyooisaanii akka ta'e batalu matti qalbeeffata.”²²

1. Ergamtoonni fi nabiyyoonni Waaqaa kan ergaman kaayyoo maalitiif? _____

2. Naana'ummaan kaayyoo mu'dhina Isaanii maali dha? _____

3. “Kenna ol aanaa kan qabu” jechuun maal jechuu dha? _____

4. Dhiibban barumisa gahaargachuu dhabuudhaa maali dha? _____

5. Barumisi gahaan bu'aa maaliti fiduu danda'a? _____

-
6. Burqaan barnoota keenyaa maali dha? _____

7. Hireen keenya maali dha? _____

8. Jomoroowwan muraasinni barumisi ibsan maali dha? _____

9. Barreeffamoota Qulqulluu irratti yoo xiinxallee batalumatti kan qalbeeffannu maali dha? _____

BOQONNAA 17

Baha'u'llah ni akkanatti ibsa:

"Kana'rraanis, lubbuun erga qaama irraa foo'amteen booda haala isheen qabdu gaaffii Na gaafatteerta. Lubbuun namaan karaawwan Waaqaa yoo deemtee, isheen, dhugumanuu gara ulfina Jaalatamaadhaa kan deebituu fi kan dhihaatu ta'uu ishee dhugumaan beeki. Dhugummaa Waaqaatiin! Qalaminni barreessuuf, yookiin sadarkaa qoonqi ibsuuf hin dandeenye ni gonfatti. Lubbuun Amantii Waaqaatiif amanamtuu taatee kan turtee fi karaa Isaa irra shakkii malee jabaattee kan dhaabbatte, gara Waaqaatti erga deebiteen booda, humina akkanaa kanaan waan gonfatamtuuf addu nyaawan Waaqni Jabaan uume hundinuu karaa isheetiin fayyadamu ni danda'u."²³

1. Himoota asii gadii guutaa:
- Lubbuun namaan karaawwan Waaqaa yoo deemite, isheen, dhugumaanuu _____

 - _____ sadarkaa ni gonfati.
 - Lubbuun _____ f _____ taatee
kan turtee fi _____ shakkii malee _____
gara Waaqaatti erga deebiteen
booda, _____ akkanaa kanaan waan gonfatamtuuf addunyaawan

BOQONNAA 18

Baha'u'llah n akkanatti hima:

“Lubbuun sa’atii qaama’rraa foo’amtu, yaadawwan uummata addunyaa kan gatii hin qabine irraa qulqullooftee, kan ebbifamtee dha. Lubbuun akkanaa tun kan jiraatu fi kan sochootu haala Eeyyama Uumaa isheetinii dha, Jannata hundaa ol baay’ee ol aanutti ni seenti. Dubartoonni Samii Afuuraa, jiraattonni mana baay’ee ol aanaa keessaa, ishee ni marsuu, akasumas Nabiyyoonni Waaqatii fi filatamtoonni Isaa goshummaa ishee ni barbaadu. Lubbuun sun bilisummaa guutudhaan isaan wajjiin haasofti, karaa Waaqaa, kan Gooftaa addunyaalee hundaatti akka dandeessu kan taasifamte sanis isaan ni taphachiifti.”²⁴

“Inni cubbamaadhaf dhiifama godhuu qaba, sababa haala gadi aalu mmaa isaatinis homaa tuffatamuu hin qabu, sababiinis booda ofu mmaan isaa maal akka ta’u eenyullee waan hin beekneefuu. Cubba maan sa’atii du'a isaa jireenyummaa amantii gonfatee xoofoo du'a hin qabine dhudha' uudhan gara Raayyaa samiititti kan balali'e yeroo meeqa! Amanaa jabaan immoo sa’atii lubbuun isaa dabartu, baay’ee jijiirramuu irraa kan ka’een dhidhima ibiddaa keessatti kan kufe yeroo meeqa.”²⁵

1. Lubbuun teenya qaama irraa yoo foo’amtu haala akkamiiti ta’uu qabdi? _____

2. Yaadawwan muraasinni gatii hin qabine maalfaa dha? _____

3. Lubbuun yaadawwan gatii hin qabinee irraa qulqulloofte du'aan booda haala akkamiitiini kan jiraattu fi kan sochootu? _____

4. Lubbuu akkanaa tanaaf goshoo kan ta’u eenyufaa dha? _____

5. Lubbuun akkana jirtu Nabiyyoota Waaqatii fi filatamtoota Isaa wajjiin haasa' uu ni dandeessi? _____
6. Jireenyi keenya kan lafaa akkamiini fi yoom akka raawwatu duursinee ni bee knaa? _____
7. Jiruu abadii nuuf arjoomame gonfachuuf amma maal godhoo qabina? _____

BOQONNAA 19

Abdul-Baha yoo ibsu:

“Afuurri namaa caasaa qaama kanaa erga arcaaseen booda, abadiif waan jiraatuuf, akkuma wantoota jiruu qabani sanitti, shakkii malee guddach uu waan dandeessufuu, naminni tokkosi guddina lubbuu du'aan dabarte saniif, dhiifaminni akka godhamuuf, ykn kennawwan afuuraa, badhaa dhinawwan, akkasumas surraa kan fudhattuu akka taatu kadhaa godhoo ni danda'a. Kanumaafudha, kadhaawwan Baha'u'llah keessatti, lubbuu wwan gara addunyaa itti aanutti darbaniif dhiifaminni fi araarri Waaqaa kan warwwaattamuuf. Dabalataanis, akkuma namoota addunyaa kana irratti Waaqa isaan barbaachisu sanitti, kan itti aanufis Isaa isaan bar baachisa. Addunyaa kanattis ta'ee kan dhufutti uumaminni yeroo hundaa hirkattoota dha, Waaqinni garuu yeroo hundaa isaan irraa guutumatti walabaa dha.”²⁶

Maaliif lubbuuwwan du'aan adda bahaniif kadhacuun kan nu'rra jiru? _____

BOQONNAA 20

Abdul-Baha yoo barreessu:

“Lubbuun namaa dhukkee kuufamaa darbuu kana'rраа lakkifamtee balali'uudhan gara addunyaalee Waaqatti yoo ol bahate, golgiwwan ni badu, Dhugaawwanis ifa nib aha,wantoonni duraan hin beekamine hunduu ifa ni ta'u, dhugaaleen dhukatanis ni beekkamu.

“Naminni addunyaa gadameessaa keessatti, gurra hin dhageenye fi eja hin argine, akkasumas arraba hin dubbanne; qalbeeffannaa kamiit’rraahuu dhowwame akka ture hubadhaa. Garuu, addunyaa dukkana san keessaa bahee gara addunyaa ifaa kanatti yoo seenu, eji isaa ni arge, gurri isaa ni dha’ghe, arrabinnis ni dubbate. Haaluma fakkaatuun, iddo du’ummaa kanaa gara Mootummaa afuura Waaqaa takkee yoo qajeelfame, afuuran ni dhalata; achumaanis eji isaa kan qalbeeffannaa ni banama, gurri isaa kan lubbuu ni caqasa, dhugaaleen inni duraan hin beekinesi hunduu ifaa fi kan mu’dhatu ni ta’u.”²⁷

1. Bakawwan duwwaalee gadiitti guutaa.
 - a. Yoo lubbuun namaa addunya kana gadhiistu, achumaan

___ golgiwwan _____,
 ___ dhugaawwanis _____,
 ___ akkasumas wantoonni duraan hin beekamine hunduu _____,
 ___ dhugaaleen dhokatanis _____.
 - b. ___ Nuti addunyaa _____ keessatti, gurra _____,
 eja _____, akkasumas arraba _____ qabina ture.
 - c. ___ Gara addunyaa kanaatti yoo dhallanu, eji keenya _____,
 gurri keenya _____, arrabinni keenyas _____.
 - d. ___ Haaluma fakkaatuun, iddo du’ummaa kanaa gara Mootummaa samiilee Waaqaa takkee yoo qajeelfamne, _____.
 - e. ___ Achumaanis eji keenya kan _____,
 gurri keenya kan _____,
 nuti _____ hunduu _____ fi
 kan _____ ni ta’u.
2. Himoota asii gadi jiran dhugaa ta’uu isaanii murteessaa:

_____ Addunyaa gadameessaa keessa yoo jirru, waa’ee addunyaa kana ni beekinaa.
 _____ Haalli jirenya keenyaa kan du’aan booda jiru dhugaa jirenya keenya kan asii keessatti kan dhokfamee dha.
 _____ Du’aan booda guutumaan bal’naawan/horizons/ haarofinni nu fulduratti ni banamu.
 _____ Yoo duunu, deebinee dhalachuuf gara addunyaa kanaatti ni deebina.

BOQONNAA 21

Baha'u'llah n akkanatti ibsa:

“Amma immoo lubbuuwwan namootaa erga qaama irraa adda bahanii booda wal-beekummaa isaanii kan itti fufan ta’uu isaanii gaaffii kee ilaachisee. Lubbuu wwan uummata Baha kan gara doonii diimtichaatti seenanii fi kan achi keessa jiraatan waliin ni firoomu, walitti dhufeeny dhihootis ni taasisu, jireenyummaa isaanitiin, fedhiwwan isaanitiin, kaa yyowwan isaanitii fi tattaaffii isaanitiin baay’ee walitti dhihaatani jiraachummaa isaanit’rraa kan ka’een akkuma lubbuu tokkoo ni ta’u. Isaan dhuguumanuu isaannan beekumsa ga’haa kan qaban, ilaalcha hubataa kan qaban, qalbeeffannaas kan arjoommamanii dha. Isa Hunda-Beeka dhaan, Ogeessi Guutuun akkanatti ajajeera.

“Doonii Waaqaa keessa kan jiraatan uummanni Baha haala fi sadarkaa ofii isaanii sirriiti ni beeku, hidhannaawwan walitti dhiheenyummaati fi goshummaatinis ni tokkaa’u. Haata’u malee, sadarkaan akkanaa kun amantaa fi amala keenya irratti kan hundaa’uu dha. Isaan warri sadarkaa fi kutaa tokko irratti argaman dandeettii walii, amala, gocha raawwatani fi ulfina gonfatan guutu maan guututti wal- ni beeku. Ta’us, isaan warri kutaa gadi aanu kan ta’an sadarkaadhan isaanii ol kan ta’an sadarkaa, ykn ga’humsa isaanii tilmaamuuf guututti qalbeefachuun isaan rakkisa. Tokkoon tokkoonuu qooda isaa Gooftaa keetirraa ni fudhata. Naminni gara Gooftaa birmadummaa hundaa, hundaa ol Humnaan kan Guuttame, Abadiif Dhiifama kan godhu, Waaqa guututti araara godhu, lubbuun isaa hanga balalii’tutti fuula isaa kan gara kallatti Waaqaa deebise, jabaatetis karaa jaalala Isaa kan tarkaaffate kan ebbifamee dha.”²⁸

1. Namoonni addunyaayaa kanatti beekne, addunyaayaa dhufutti isaan ni beeknaa? _____

2. Addunyaayaa itti aanutti firoominni lubbuuwwan gidduu jiru hagam gahaa dhihoo dha? _____

3. Addunyaayaa dhufutti taa’itaawwanii fi garaagarummaan lubbuuwwan gidduu dhaa maali irratti kan hundaa’uu dha? _____

4. Badhaadhina Waaqaat’rraa kan dhoorgamu ni jiraa? _____

BOQONNAA 22

Baha'u'llah ni akkanatti nu gorsa:

“Yaa tajaajiloota Koo! Guyyoota kanaa fi sadarkaa dachee kanatti fedhii wwan keessan wajjin wantoonni faallaa ta'an Waaqaan yoo ajajamanii fi yoo ibsamani, hin gaddinaa, guyyaaleen gammachuun mootummaa samiiti fi kan gammadina guddaadhaa waan isiniif qophaa'eefuu. Addunyaaleen eeb bifamanii fi haala afuuratiin ulfina qabeessi ijawwan keessaniif waan ibsamaniifidha. Addunya kanaa fi kan itti aanutti, faayidaalee isaaniit' rratii hirmaachuuf, gammadinawanisaaniit'rriaa qoodachuuf, badhaa dhinaa isaanii kan jiruu kennu'rriaa ga'hee argachuuf dursee Isaan isiniif murtaa'eera. Tokkoon tokkoon isaanituu osoo hin hafine shakkii malee isaani'raa geessu.”²⁹

1. Itti aananii kan jiran keessaa kamfaatu dhugaa akka ta'an murteessaa:
 - _____ Wantoonni akkuma nuti barbaadinu ta'uu yoo baatan gaddaan guuttamuun qabna.
 - _____ Gaariis ta'e ykn badaa, hundinuu Waaqan kan ajajamanii dha.
 - _____ Guyyaaleen gammachuun guuttaman kan gammadina guddaadhaa nu hundaa ni eegu.
 - _____ Addunyaaleen eeb bifamanii fi haala afuuratiin ulfina qabeessa kan ta'an akka arginu shakkii hin qabinu.
 - _____ Jiruu kanatti fi jiruu itti aanu kan lamaanittu, faayidaalee addunyaaw wwan eeb bifamaniiti fi haala afuuratiin ulfina qabeessa kan ta'anii qooddachuu hiree ga'hee keenyati dha.
2. Kan nuti hawwinuu wajjiin wantoonni faallaawan ta'an yoo nuqu'nnaaman gaddaan liqinfamuun kan nu'rria hin jirre maaliif? _____

3. Dubbifama kana keessatti Baha'u'llah ni waadaa maal nuuf taasisaa jira? _____

BOQONNAA 23

Kutaa kana keessati hiikkaa jiruu namaa irratti xiinxaltaniirtu. Waa'ee umama lubbuu, kaayyoo jirenya addunya kana keessaa, barbaachisummaa amaloota afuuraa guddisuudhaa, akkasumas waa'ee abadummaa, abdii nuuf kenname kan ulfinaa fi

gammachuun guuttame hedduuwan barataniirtu. Kutaa lamaffaa kitaabichaa keessatti, waa'ee kaayyoo dachaa lamaa haasofinneera: guddina afuuratii fi kan sammuu gonfachuudhaa fi jijiirrama hidhata-hawaasatiif bu'aa buusuuf. Haala ilaa lcha lixxinaa kan waa'ee guddina lubbuu argattaniin, gara yaada-rimee sanitti deebi' uudha fi waa'ee barbaachisummaa gonfanna cinaawan lamaan kaayyoo kanaa yaa dudhaa carraan isiniif dhihaateera. Dhaamsawan asii gadi jiran irratti mari'annaa garee keessan keessatti adeemsiftaniin yaadawan-rimee irratti xiinxaltan irraa fayya damaa ta'uu ni danda'a.

1. Amaloota afuuraa guddisuu
2. Seerota Waaqaatii abboommamuu
3. Nageenyummaa dhala namaatif gumaachuu
4. Daandii tajaajilaa irra tarkaaffachuu

Madda waraabbiileen irraa fudhataman

1. Haasaa ‘Sadaasa’ 10, 1911 A.L.A. kenname, kan Haasaa Paarisii keessatti maxxanfame: Bara 1911 Haasaa Abdul-Baha tiin kennname (Wilmetti:Maxxansaa Baha’i, 2006,2016 A.L.A. kan maxxanfame), lakk. 29.12-13, fuula 109.
2. Xalayaa guyyaa Ebla 1, 1946 A.L.A. maqaa Shoghi Efendi tiin kan barreeffame irraa, ‘Light of Guidance’ keessatti kan maxxanfame: galmees wabii Baha’i (New Delhi: ‘Trust’Maxxansaa Baha’i,1988,2010, A.L.A. kan maxxanfame), lakk. 1820, fuula 537.
3. Xalayaa guyyaa Adoolessa 28, 2016 A.L.A. kan maqaa Mana Haqa Addunyaatiin bareeffame irraa.
4. Abdul-Baha, ‘Gaaffilee Deebi’ii argatan’ (Wilmette: Maxxansaa Baha’i 2014, 2016 kan maxxanfama), lakk. 66.3, fuula 352-53.
5. Kitaaba asii olitti kennname irraa, lakk.38.5, fuula 220.
6. Sadaasa 9, 1911 A.L.A. Haasaa Abdul-Baha tiin kennname, kan ‘Haasaa Paarisii’ keessatti maxxanfame, lakk. 28.16, fuula 104.
7. Xalayaa guyyaa Muddee 31, 1937 A.L.A. maqaa Shoghi Efendi tiin kan barreeffame irraa, ‘Light of Guidance’ keessatti kan maxxanfame: lakk. 680, fuula 204.
8. ‘Giliinigis Barreeffama Baha’u’llah’ (Wilmette: ‘Trust’ Maxxansaa Baha’i, 1983, 2017 kanmaxxanfame),82, keyyata 8, fuula 183.
9. Abdul-Baha, ‘Gaafilee Deebi’ii argatan’ lakk. 61.1-2, fuula 334.
10. ‘Giliinigis Barreeffama Baha’u’llah’ 80, keyyata 2, fuula 174.
11. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 81, keyyata 1, fuula 176.
12. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 165, keyyata 1-3, fuula 391-92.
13. Baha’u’llah, Jechoota Dhokfaman (Wilmette: ‘Trust’ Maxxansaa Baha’i, 2003,2012 kan maxxanfame), kan Arabaa irraa lakk. 32, fuula 11.
14. Haasaa Adoolessa 6, 1912 A.L.A. kennname, kan ‘Promulgation of Universal Peace’ keessatti maxxanfame: Bara 1912, yeroo Abdul-Baba Yunaayitid Steetii fi Kanaadaa daawwatu, Haasaa Isaan Kenname iraa, (Wilmette: Maxxansaa Baha’i, 2012), fuula 315-16. (Hiikkaa seera qabeessa)
15. ‘Giliinigis Barreeffama Baha’u’llah’ 5, Keyyata 4, fuula 8.
16. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 82, keyyata 1, fuula 179-80.
17. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 153, keyyata 6, fuula 170-71.
18. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 27, keyyata 2, fuula 72-73.
19. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 27, keyyata 3, fuula 73.
20. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 21, keyyata 1, fuula 54-55.

21. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 81, keyyata 1, fuula 177.
22. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 122, keyyata 1, fuula 293-94.
23. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 82, keyyata 7, fuula 182.
24. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 81, keyyata 1, fuula 176-77.
25. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 125, keyyata 3, fuula 300-1.
26. Abdul-Baha, ‘Gaafilee Deebi’ii argatan’ lakk.62.3, fuula 340-41.
27. Barreffamoota Abdul-Baha irraa kan Filataman (Wilmette:Maxxansaa Baha’i, 2010, 2015 kan maxxanfame), lakk. 149.3-4,fuula 246-47.
28. 'Giliinigis Barreffama Baha'u'llah, 86, Keyyata 1-2, fuula 192-93.
29. Kitaaba asii olitti kennname irraa, 153, keyyata 9, fuula 373.